# XINXALA ITTI  FAYYADAMA AFAANII ASOOSAMA MATADUREEN ISAA  ARRAA GURBAA KEESSATTI

SAAMU’EEL GAMMACHUU FAYISAA

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILAR AARTII AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTIIN GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII
KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOTAA
JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII YUUNIVARSIITII FINFINNEE

FULBAANA, 2014/2021

FINFINNEE, OROMIYAA

# XINXALA FAYYADAMA AFAANII ASOOSAMA “ARRAA GURBAA”KEESSATTI

QORATAN: SAAMU’EEL GAMMACHUU  FAYISAA

GORSAAN: AMAANU’EEL ALAMAYYOO (PHD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILAR AARTII AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTIIN GAMISAN GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUU FOOKLOORII KOLLEEJJII NAMOOMAA QO’ANNOO AFAANOTAA JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII YUUNIVARSIITTII FINFINNEE

FULBAANA, 2014/2021

FINFINNEE, OROMIYAA

# Axereera

*Kayyoo qorannoo kanaa xinxaala fayyadama afaanii asoosama Arraa Gurbaa yoo ta'u Qorannoo kunboqonnaalee afuritti qoodamee kan qoratamedha Boqonna tokko seensa Boqonnaa lama sakatta'a barruu walfakkii fi yaadrimee boqonnaa sadii xinxaala itti Fayyadama afaanii , boqonnaa afur gudunfaa argannoo fi yaada furmaata kun gama afaaniin Xinxaala fayyadama afaanii asoosama tokko keessatti argamu gama afaanii xinxaaluu waan Ta'eef gama kaayyoo bu'uura haalli dhiheenya isaasmaalummaa fayyadama afaanii keessatti Garagaran kan ilaallatu mala akkamtaa fayyadame kan qoratamedha maddi raga qorannoo Kanaa asoosama Arraa Gurbaa yoomuu ta;uu waraqaa qorannoowwan adda adda yoo ta'u Toofta xinxaala ragaalee yaadrimee irratti kan xiyyeeffatedha . sababni isaas qorannoon kun Xinxaala yaadaa malee xinxaala lakkoofsa kan hinhaammanne waan ta'eefi fayyadamni Afaani ogbarruu keessatti ta'ee barreeffama biroo keessatti kan mul'atu waan ta'eef daangaa fi Ogbarruukun immoo of eeggannoo guddaa kan barbaadu waan ta'eef barreessan yeroo dhimma Ttokko barreessu fayyadama afaanii gama dhajechoota , jechoota mallee dubbii himoota keessatti mala qabaachurra darbee ergaan isaa kan hubatamudha.*

# Galata

Hunduma dura bu'uura namummaa koo hardhaa kan tolchee, hirkoofi gaggeessaa jireenya kook an ta'e WAAQAYYOON uummakoo guddaan galateeffadha.

Itti aansuun waraqaa qorannoo kun bifa kana akka qabatuuf jalqabaa hanga dhumaatti waliin dhama'uun gorsaafi yaada jajjabina qabu naa kennuudhaan , na sirreessaafi na qajeelchaa kan turan **Doktor Amaanu'eel Alamaayyoo** baay'ee galateeffaadh

Akka baradhee hanga sadarkaa kana ga'uttii gargaarsa hundaan kan nabira dhaabbattan Abbaa koo Obbo Gammachuu Fayisaa fi haadhakoo Aadde Gartuu Fayisaa galanni keessan guddaadha , Akkasumaas obbolan koo Barsiisa Dirribaa Gammachuu , Girmaa Gammchuu fi Obboleetiikoo Addisee Gammachuu tumsi isin yaadafi maallaqaan naaf gootan yoomiyyuu hin dagatamu.

Dabalataanis , hiriyyoottan koo hundaa isaanii qorannaa kanaaf karaa adda addaan kanneen gargaarsa naa godhan galannikoo guddaadha .

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**


Axereeera ........ i
Galata ........ ii
Baafata ........ iii
Boqonnaa Tokkoo: Seensa ........ 1
1.1 Ariirrata ........ 1
1.2 Ka’umsaa Qorannicha ........ 3
1.3 kaayyoowwan Qorannicha ........ 4
1.4. Kaayyoo Gooroo ........ 4
1.5 Kaayyoo Gooree ........ 4
1.6 Faayidaa Qorannicha ........ 5
1.6.1 Daangaa Qorannicha ........ 5
1.6.2 Hanqina Qorannichaa ........ 5
1.7. Saxaxaa fi malawwan Qorannicha ........ 6
1.7.1 Saxaxa Qorannicha ........ 6
1.7.2 Mala Iddatteessu ........ 7
1.7.3 Mala odeeffannoo ........ 7
1.7.4 Mala Funaansa Ragaalee ........ 7
1.7.5 Sakatta’a Dookumantii ........ 8
1.7.6 Mala Qaaccessa Ragaalee ........ 8
BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU ........ 9
2. Sakatta’a Barruu Yaadrimee ........ 9
2.1 Yaadrimee Afaanii ........ 9
2.1.1 Fayyadama Afaanii ........ 10
2.1.2 Fayyadama dhamsagoota irraa deddeebii dubbachiftuu fi dubbifama ........ 11
2.1.2.1 Fayyadama dhamjechaa ........ 11
2.1.2.2 Fayyadama jechoota ........ 12
2.1.2.3. Fayyadama Filannoo jechoota ........ 13
2.1.2.4. Jechoota loogaa ........ 14
2.1.3. Jechoota Ergisaa ........ 16

2.1.3.1 Jechoota Faallaa ........ 17
2.1.3.2 Jechoota hirkatoo (clitics) ........ 17
2.1.3.3 Irraa deddeebii jechoota ........ 18
2.1.3.4 Himaa ........ 18
2.1.3.5 Himaa DHeeraa ........ 19
2.1.3.6 Himaa Gaggabaaboo ........ 19
2.1.3,7 Malleen dubbii ykn dubbii qolaawwan ........ 19
2.1.4 Fayyadama Mammaksaa ........ 20
BOQONNAA SADII: XINXALA FI FAYYADAMA AFAANII ........ 23
3. SEENAA GABAABAA ASOOSAMICHA ........ 23
3.1 Irraa deddeebii dhamsagaa dubbachiftuu ........ 24
3.1.1 Irraa Deddeebii Dhamsaga Dubbifamaa ........ 25
3.1.2 Fayyadama Firoomii sagalee ........ 25
3.2 Fayyadama DHamjechoota . ........ 27
3.2.1 Fayyadama jechoota loogaa ........ 32
3.2.2. Fayyadama jechoota Ergisaa ........ 34
3.2.3Fayyadama Jechoota Faallaa ........ 35
3.2.4 Fayyadama jechoota Hirkatoo ........ 36
3.2.5 Fayyadama Filannoo jechoota ........ 38
3.2.6 Fayyadama irraa deddeebii Jechoota ........ 39
3.2.7 Fayyadama himaa ........ 40
3.2.8 Fayyama malleen dubbii ........ 42
3.2.9 Fayyadama mammaksaa ........ 47
BOQONNAA AFUR: GUDUUNFAAFI ARGANNOO/YABOO YAADAA FURMAATA ........ 49
4. Guduunfaa ........ 49
4.1 Argannoo ........ 50
4.2 .Yaada Furmaataa ........ 50
Wabiilee ........ 53
Dabalee A ........ 55
Dabalee B ........ 56

# Boqonnaa Tokkoo: Seensa

## 1.1 Ariirrata

Itti Fayyadama afaanii caasaa afaanii tokko hubatee itti dubbachuu irraa ka'ee barreeffama keessatti yeroo barreessuu fayyadama afaanii kaayyoof fedhii dubbatoonnif barreessitoonnii Afaan tokko wayita afaanii fayyadaman beekuun qalbiitiin fayyadama afaaniin barreessuu Haala barreessa barreeffama isaa keessatti afaanitti tajaajilame kan ilaalatudha gama biraatiin Fayyadamni afaanii kan ogbarruu kalaqaa barreeffama asoosama keessatti adda bah'ee Ilaalamu danda'a fayyadamni afaanii hojiiwwaan kalaqaa asoosama keessatti haala Barreessan hojii afaanitti fayyadamu kan dhimma ba'uun kan muli'atudha. kana malees Barreessan barreeffama tokko yaada barreessu haala gaariin dubbisaa biraan ga'uuf afaan itti Barraa'esun seera afaanichaa eegee sirriitti yoo qindaa'edha barreeffama ogbarruu asoosama tokko keessatti fayyadamni afaanii sagalee irraa kaasee jiru ga'uumsa kan qabu ta'uu qaba.

Fayyadama afaanii jechuun seeraa xiinqooqaa afaanii keessatti haala hojii irraa oolmaa xiinsagaa, xiinjechaa, xinhimaa, xiinhiikaafi loogaawwangaragaraa itti hawaasa tokko keessatti hubatamanidha Akkasumas afaan hawaasni dhimma tokkof kennuufi maal maaliin walqabsiisee Akka ibsu kan calaqqisiisudha. Keessumattuu seera fayyadama afaanii keessatti waan ibsuu Barbaadame maalitti dhimma bahamanii akkaibsaman kan ifa taasisudha. Dabalataanis jiruufi Jireenya hawaasummaa keessatti dhimmi tokko yeroo ibsamu darbuufi ta'uu afaanitti Fayyadaman garaagarummaa qabaachuu danda'a kunis haala waamichaa yookiin moggaasa waan tokko keesstti afaan itti fayyadaman jiraachuu danda'a kun immoo akka walii galatti **Fayyadama afaanii jedhama**

Afaanitti fayyadama dhala namaa hawaasa keessa keessa jiraatu dhimoota siyaasa , Dinagdee,Amantii, aadaafi hawaasummaa keessatti wanta keessoo isaa jiru basee ibsachuuf Taateewwan seenaa darbaniif amma walii bira qabanii dabarsuuf afaanii itti fayyadama dhimma ba’a kanaafuu komii shakkii jajuu mormii bashananna , gadda, gammachuufi waan kana fakkaatan hawaasni itti dhimmaa baúudha kanaafuu fayyadamni afaanii barruu keesatti Akka addatti kan bahanii haala barreessa irraa jiraatudha haala jireenya dhala namaa walisimaatudha **(Beekaan**, 2015:2-7) ibsutti rakkoowwan hanqina fayyadama afaaniitiin walqabatanii kaán keessa ergaa barreeffamicha kallattin barbaadameen dabarsuu dadhabuun

Dubbistoonni haalii itti dhimma bahee dogongora yookaan yaada karoorfamee tokko sirritti Yaadamee galmaa isaa geesisuuf fayyadmni Afaanii murteessadha. Kanumaa ilaalchisee **Saamu'eel** ,2010:1)ibsutti " afaan kan sagalee dubbii walitti qindeessuun karaa dubbii qofaan itti waligalaniiti ilaalama haata'u malee wali galtee uumamuu kan danda'u karaa dubbii afaanii qofaan osoohin taane karaa barreeffamanis haata'u karaa mallattoo garagaaratiin uumamuu danda'a faayidaa fi yaada ifa ta'e dabarsuu irraatti wal caaluu danda'u " jedha sababnisaas walii galteen kallattii dubbii afaanittin taaasifamu kan fuula fuulatti yaada wal jijjiruun yaada ifa hin taane yeromma sana wal gaafachuun walii galuun ni danda'ama barreeffaman dhiyaatu yoo ilaalle ammoo dubbisan wanta barreeffame tokko dubbisuun yaada isaa kan hubatuudha , kana malees walii galteen barreeffaman dhiyaatu kan akkuma jiruun darbuudha

Wantoonni barreeffaman dhiyaatu immoo damee ogumma barreeffama ogumma kanaaf, Barreeffamni barreeffame tokko yaada barreessaa dubbisaan akka yaada isaa haala hubatuuf Seera afaan ittin barreeffame sanaa eegee akkaataa barreeffmu qaba . barreeffamnii barreeffamu Tokko kamiirrayyuu bilisa ta'uun yoo barreeffame yaada barreesan dabarsuu barbaade Dabarsuuf gahumsaa qabaachuu danda'a itti dabalees , barreeffamichi fudhatamummaa akka qabaatu taasisa yoo kabna ta'uu baate garuu yaadnii barreessa akka yeroo amma kana Barreeffamoonni garaagaraa keessatti afaan oromoottin barreeffama jiru haat'u malee, Barreeffamoonni barreeffama jiran heddun seera afaanicha giddu galeessa kan godhate mit" Jedha barreessitoon barreeffamoota adda adda barreessan jechoota garee hawaasa muraasa qofa Giddu galeessa waan godhataniif dubbistoota heddu hawwachurratti rakkina qabachuu danda'a Barreeffamoonni barreeffamani fi barreeffamaa keessa amoo asoosamni isaatokko kanaaf, Barreeffamoonni asoosama akkuma barreeffmoota kanneen biroo ifa ta'uufi seera afaanicha eeguun barreeffamu qabu.

Asoosamni kan barreessan kallatti heddu jireenya ilmaa namaa kan dhuunfaa fi hawaasa gamtaa Jechoota miidhaagina qabaniin fakkii yaada barreessatiin kalaqamee bifa hawwata ta'een kan Dhiyaatudha. Akka walii galatti asoosamni fakkii jireenya hawaasa kan agarsiisuu akka Dawwittiiti kan of keesatti ilaalaniidha.barreessan asoosama eenyummaa fi aadaa isaa ittin Ibsachuuf ykn , ittin agarsifachuuf fedhii hawwii isaa ittin guutachuuf afaanii fayyadamun Taateewwan darbanif amma walii bira qabanii afaanitti fayyadamee dhimma ba'a yaada ergaa Tokko kallatti yaadamee galma isaa geesisuuf fayyadamni afaanii bayyee barbaachisadha

Afaanii fayyadaman beekuun ittin agarsiisanidha . fayyadamni afaanii barreessa immoo haala Barreessa barreeffama isaa keessatti afaaniitti tajaajilame kan ilaallatudha. Gama biraatiin Fayyadamni afaanii kan barreessa kun barreeffama kalaaqa ( creative literary) fi barreeffama Kalaaqa keessatti adda bahee ilaalamuu danda'a . fayyadama afaanii hojiiwwan kalaaqa Asoosama keessatti haala barreessan hojii Afaaniiti fayyadame kan dhimma ba'uun kan muli'suudha.

Itti fayyadama afaanii barreessa haala hawaasa keessa jiratun haala dhuunfaa sii ta'ee haala walii galan asoosama keessattii fayyadamuu danada.a kunis , dandeettii barreessa sun dhimma Ittin bahuu barbaadee fis ta'u mala rakkoowwan hanqina fayyadama afaaniitin wal qabatan Ka'an keessa yaada barreeffamichi kallatti barbaadameen dabarsuun dubbistoonni dogongora Hubbannoof saaxilaamuu,barreeffamichi jaalatamu haala fayyadama afaanii dhabuun kunis Beekamadhakanaafuu rakkowwan akkanaa kan hambisuuf ogummaa fayyadama afaanii Barreessa tokko hog barru keessattii barbaachisadha.qorannoo kun kallatti Ogummaa Fayyadama Afaanii barreessa tokko tilmaamuuf qorannoon fayyadama afaanii irratti Gaggeeffamu gahe olaanaa qaba. Kanumairraa ka'uudhaan qorannoo kunis fayyadama Afaaniikitaaba ASOOSAMA ARRAA GURBAA jedhu keessatti argamu ija fayyadama afaanii Yookiin xinqooqaatin maal akka fakkaatu xinxaaluu irratti kan xiyyeeffateedha.

**1.2 Ka'umsaa Qorannicha**

Barumsa ilma namaa keessa inni guddaan yaada barreeffaman dabarsuu danda'uudha Abarraa (1992:95), dhalli namaa barreeffaman yaada isaa dabarbffachuuf osoo hin eegaliin dura Mallattoowwan fakkiiwwaniif bocawwan adda adda fayyadamuun yaada isaa dabarfachaa kan Ture ta.uuisaa seenaan dhalaa namaa dabarse ni mul'isa haata'u malee akkuma guddinifi Qaroominii dhalli namaa dagaagaa deemen dhalli namaa yaada isaa barreeffaman dabarffachuu eegale

Kanumaa ilaalchisee crytal (1987:179) .akka ibsutti" barreeffamni barreeffamu tokko ergaa gaariidabarsuuf fayyadamni afaanii seeraa afaanichaa " jedhu yaadni afaan oromoo barreeffama Loogaa naannoo fi seeraa fayyadamaa afaanii haala gaarin keessatti himoota , jechoota Rakkina looga naannoo murtaa'aa fayyamuu rakkoo gamaa qabachuu kan danda;u ta'u mul'sa. Kanaaf furu barbaachisa wantoonni barreeffaman kaniin qiulqullaa'uuf sakkatta'amuu

qabu’ qabu. Wanti qabaatamaa mula’atu fayyadama afaanii irratti asoosamni afaan orommo Barra’an rakkoon akka jiru agarsiisa rakkoowwan akkannaa kana hir’isuuf qorannoowwan Fayyadamma afaanii irraattii hojjataman barbaachisoo waan ta’anii aniis gama kootiin Gaaffilee gadii kana ilaaluu irratti hojjadhee gumaacha taasiisuu barbaade jedhu

- Ogummaan itti fayyadama afaanii karaa asoosamoota afaan oromoo jiru maal fakkata?
- Malleen dubbii fi mammaaksa og barruu keessatti maaliif itti fayyadamna?
- Jechoonni barressan asoosamaArraa Gurbaa keessatti itti fayyadame jechoota akkamiiti?

**1.3 kaayyoowwan Qorannicha**

Qorannoo kun kaayyoo gurguddaa lama of keessa qaba isaanis kaayyoo **gooroo** fi **gooreedha**.

**1.4. Kaayyoo Gooroo**

Kaayyoo gooroo qorannoo kana fayyadama. afaanii asoosama "ARRAA GURBAA jedhu xinxaaluudha.

**1.5 Kaayyoo Gooree**

- Haala itti fayyadama afaanii irraa deddeebii dhamsagoota dubbachiiftuufdubbiffama ibsuu
- Haala itti fayyadamaa afaanii dhamjechaa asoosamicha keessatti ibsu, Looga,irraadeddeebii jechoota ergisaa, hirkaatoo faallaa, adda baasuu ibsuu
- Filannoo jechoota akkataa inni ittin fayyadamee ibsuu
- Jechoota irraa deddeebii asoosamicha keessatti argamu mul’isuu
- Jechoota loogaa ,jechoota ergisa , jechoota ergisaa , jechoota, faallaafi hirkaatoo adda baasuun ibsu
- HImoota dheeraa fi gabaaboo asoosamicha keessatti ibsu
- Haalli barreessichi mallee dubbiif mammaksaa akkamiin fayyadame ibsu

## 1.6 Faayidaa Qorannicha

Qorannoon kun Rakkoowwan gama itti fayyadama afaanii asoosama" **Arraa Gurbaa**" jedhu keessa jiran adda baasee akkataa ittin sirratan karaa ni agarsiisa. Akkasumas, guddina og barruu Oromoo karaa seerluga fi xinqooqaa taasisaniif gumaacha ni godha.Dabalataaniis Qorannoowwan biro kanaa karaa itti fayyadama afaaniin og barruuwwan Afaan oromoo irratti Hojjatamaniif madda ragaa ni ta'a kana malees , qorrannoo kana haala fayyadama afaanii Asoosamni kuni itti dhiyaatte xinxalluu argaman gadii baasuun akkamii sirraa'uu akka danda'u tuquun hubannoo gama kana cimsuuf kan fayyadudha. Namoonnii Afaan kanaan fedhii qabanii hubannoo isaanii cimsachuun hojii fooyya'an ta'ee akka hojjataniif kan isaan Fayyadudha. AFaan oromoo fuulduratti kitaabonnif barruuleenbarra'an fi kalaaqa haaraanis Dogongora malee fayyadama afaaniin eeganii akka barra'aniifqorannoo kun bu'aa qaba jedhame Yaadama. Gama biraatiin namni mataa duree wal fakkataan irratti qorannoo geggeessuu yoo barbaade akka ka'umsaatti nifayyadama jedhamee Amanama.

### 1.6.1 Daangaa Qorannicha

Fayyadamnii afaanii wantoota seera xiinqooqa keessa jiran mara hammata xiinqooqani immoo Yaadrimeen isaa baldhaa waan ta'eef yeroo keessatti qorachuun yeroo ta'ee maallaqa guddaa Gaafata Akkasumas waaat'ee afaanii altokkotti qoratanii bira gahuun rakkisaadha sababa kanaaf Mata duree daangessuun barbaachisa dabalaataanis afaan barreeffamoota kam keessattiyyuu Bu'uura kanaafuu asoosamni afaan oromoo heddudha altokkotti fayyadama afaanii isaanii Xiinxalluu sakata'uun waan hin danda'amneef qarataana mataa duree isaa xinxaala fayyadama Afaanii, afaanii asoosama "**Arraa Gurbaa**"jedhu irratti akka daangeessuu dirqaamadha yookiin kan daangeeffameedha.

### 1.6.2 Hanqina Qorannichaa

Qorannonni tokko yemmuu gaggeeffamu hanqiinoonni adda addaa qorataa muuddachuu nidanda'a kanumaan walqabatee, qorataan wayita qorannoo kana gaggeessaa turetti Rakkooleen adda addaa isa muudataniiru , rakkoolee kanneen keessaa inni tokko rakkoo kitaabilee wabiif ta'an bal'inaan argachuu dhabuudha . haata'u malee kitaabilee wabiif isaa Gargaaran marsaalee interneetii irraabuufachuun rakkoo gama kanaan isaa muuddaachaa turan Jalaa bahuun dandaa'eera rakkoon inni lammataa immoo rakkoo maallaqaatti. qorataan

Rakkoo kanaafis osoo harka hin kenning fakkeenyaaf namoota ogummaa coomipitara Irraatti barreessuu qaban wajjin walii galuufi gargaarsa gaafachuun rakkoo gama kanaan Isaa muuddachuu ture fureera hojiin Barruu barsiisuu waan jiruuf yeroo gahaa dhabuun Rakkoo isaa biraa ture ; qoratan rakkoo gama kanaan isaa muudates isaa muudates mana Barumsicha keessattis gosa barnoota inni barsiisuu barsiisan waliin walii galuun baay'ina Wayitii hanga tokko xiqqeeffachuun rakkoo kanaaf furmaata argateera.

**1.7. Saxaxaa fi malawwan Qorannicha**

Qorannoon tokkoo kan galmaa ga'u yeroo wqo'ataan mala jiran keessa ka n na gargaara jedhee Filadhetti fayyadamee hojjadhe . malli qorannoo kan filatamu immoo faayidaafi bu'aa inni kennurraatti hundaa'etti qorannoon kun kan adeemsifame odeeffannoo kitaabilee garaa garaa dubbisuun waliitti qabaman irraa kan qacceffamedha. Kanaaf gosoota jiran keessa qaorannoo yaadrimeetti fayyadameera.

**1.7.1 Saxaxa Qorannicha**

Kaayyoo qorannoo kanaa itti fayyadama afaanii asoosama "Arraa Gurbaa"jedhuu qacceessuudha Kana gochuuf immoo qoraticha mala qor annoo akkamtaatti dhimma bahe sababni isaasi Odeeffannoon qorannoo kanaaf oolu kan lakkoofsa ibsamu osoo hin taane kan jechaan Qaaceeffamudha Akka Addunyaa (2011:11) yaada kana yoo cimsu ciminni qorannoon mala Akkamtaatiin gaggeeffamu keessatti odeeffannoo argamu mala iddateessu yookiin mala Ibsatiin dhiyeesa qorannoo ykn gamaa biraatin qorannoo kana keessatti odeeffannoo Argameen gadi Fageenyaan ragaan deegaramee ciminii qorannoo akka akkamtaa gaaffiiwwaan Akkam?maalif? Jedhan kaasuun gadi fageenyan xiinxalluu irratti humna waan qabuf amanamuuf hubannoo babalisuuf haala mijeessu isaati qorataanis mala akkamtaa fayyadamuun qorannoo kana kan gaggeessedha.

Qorannoon tokko kan galma gahu , yommu qo'atan mala jiran keessa kan na gargaara jedhe Filatetti fayfyadamee hojjateedha. Malli qo'annoo tokko kan filatamu immoo faayidaa fi bu'aa Inni kennu irraatti hundaa'etti qorannoon kun kan adeemsifame odeeffanno kitaabota garaagaraa Dubbisuun walitti qabaman irraa kan qaacceeffameedha. Kanaaf gosoota qorannoo jiran keessa Qorannoon yaadrimeetti fayyadameera.

### 1.7.2 Mala Iddatteessu

Iddatteessu tootfta itti akka kaayyoo ofiitiin walqabiisanii dhimma qorataamurratti haala Odeeffannoo argachuun dandaa'amu filachuudhan tooftaaiddetteessuu qorannookanaas Iddatteessu miti carradha.

Malli iddaatteessu qorannoo ka na keessatti iddaattoo itti fayyadamne ragaleen asoosamicha keessatti argaman kana rawwachuuf kitaabilee asoosama afaan oromoo jiran keessa kitaaba Asoosama " Arraa Gurbaa " jedhu qorannoo kana gaggeessuf naaf mijaata yookin sakkatt'een Bira gaha jedhu filadhe , kanaaf fuula jalqabarraa kaasee hanga fuula dhumatti Sakkatta'uudhaan fayyadama afaanicha yookiin ogbarruu keesattii jiran baasun .

### 1.7.3 Mala odeeffannoo

Maddi odeeffannoo qorannoo kana madda ragaa tokkoffadha maddi ragaa tokkoffadha kunisAsoosama "**Arraa Gurbaa"** jedhamurra kan funaanameedha. sababni kanaas qorannookun kan adeemsifammu qaacceessa itti fayyadama afaanii asoosamicha argamu irratti kan Xiyyeeffatu waan ta'eefi kanaafuu madda ragaa tokkoffa dhimma ba'amuu barbaachisaadha. keessatti a madda odeeffannoo mataa isaa ni qabaata , haaluma kanaan qorannoon kanaafis Maddi odeeffannoo kitaaba asoosama **ARRAA GURBAA** filatame fi qorannoowwan kanaan Dura asoosamoota AFaan oromoo irratti karaa fayyadama afaaniin hojjatamanii fi kitaabonnif Dabalataanis qorannoon garaagara madda odeeffannoo ta'aniiru.

### 1.7.4 Mala Funaansa Ragaalee

Qorannoon kun yommu gaggeeffamuu ture , qoraatan kitaabicha filatame irra deddeebi'ee Qubbisuun fayyadama afaanii asoosama keessatti argaman qabachaa deemun barreeffamman Qaacceesseera , sababni kanaaf immoo yaadannotti dhimmaa bahaa ture haaluma kanaan Qorannoon kun xiyyeeffannoon isaa fayyadama afaanii asoosama ARRAA GURBAA Qaacceessuu waan ta'eef fayyadamni afaanii asoosamicha keessatti argaman mala sakatta'a Dookumantiitiin funanuun odeeffannoo funaaname haala itti fayyadme irratti hundaa'uun Qindeeffamee booda gara qacceessuutti adeemuun nidanda'ama kanafi malli funaansa Odeeffannooqorannoo kana keessatti dhimmi itti bahame. Mala sakatta'a dookumantii yoo Ragaan funaanamus asoosamichuma keessatti kanneen argamaniidha.

### 1.7.5 Sakatta'a Dookumantii

Sakatta'a dookumantii jechuun adeemsa qorannoo tokko gaggeessuu keessatti tooftaa Qorannoo sana fudhatamaafi dhugummaa isaa mirkaassuuf kitaaba galmeefi barreeffamoota Bifa adda addaatiin taa'an qaaaccessuun cimniaa fi hanqina isaanii ibsuuf kan gargaarudha . Yaaduma olii kana deeggaruu Dastaa,(2011:131)yoo ibsu barreeffamoonni akka odeeffannoo Qorannootti namaa fayyadan heddu jira jedha isaanis keessa kanneen akka waraqaa ragaa , Kitaabilee , xalayaa ajandaa baarreeffamma murtee yaadannoofii kana fakkaatan ta'uu danda'uu Jechuudha ibseeera" isaa keessa qorannoon kun kitaaba asoosama akkaataa sakatta'a Dookumantiin funanaamuun akka qabun innis kuns odeeffannoo funaanamu bifa Lakkoofsantiin Osoo hintaane mala al-lakkoofsan yookiin jechatti gargaaramuun kan ragaan itti Funaanameedha.

### 1.7.6 Mala Qaaccessa Ragaalee

Qorannoon tokko yemmuu adeemsifammuu mala qaaccessa ragalee n itti rawwatu niqaba Mala kunis **mala akkaamtaa** yoommu ta'uu qorannoon mata duree isaa qaaccessa itti Fayyadama afaanii asoosama "**Arraa Gurbaa** " keesatti kan jechuudha qorannoon kana Gaggeessuf qoratichi mala qaasccessa raga akkamtaa dhimma baheera sababni walqabatan Asoosamicha keesatti argama kan jechaan ibsamufi qaacceffamu waan ta'eef mala qacceessa Ragalee jechuun ragaleen itti funanamuu rratti kan hunda'uudha qoratichi itti gaggeeffamu Keessa mala akamtaatti dhimma ba'ee je chuudha xiyyeeffanno isaa itti fayyadama afaanii Asoosamicha qaaccessu waan ta'eef kana malees odeeffannoo. Funaanuuf mallii funaansa Odeeffannoo qoratan itti fayyadame mala sakatta'a dookumantit.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

## 2. Sakatta'a Barruu Yaadrimee

Boqonnaa kana keesatti mata dureewwan gargaraa kanneen itti fayadama afaanii asoosama atiin walqabataniif yaada hayyootan deegaramatiin keessattidhiyaatera. kanaaf boqonnan kun Fayyadama afaanii asoosama keessatti maal akka fakkatu kan ibsu yemmu ta'u ibsiiwwan as keessatti dhiyaatan kunneenis tokko tokko isanii fayyadama afaan ilaalchisee barruuwwan Qorannoo adda addaa isaa walii fakkatu

Haaluma kanaan qoratan boqonnaa kan keessattii matadureewwan maalummaa fayyadama Afaanii waliin walqabatan kanneen akka maalummaa fayyadama afaanii , asoosama Arraa Gurbaa fayyadama dhamsagoota, fayyadama loogaa, fayyadama jechioo ta ergisaa, jechoota Hirkatoo, fayyadama filannoo jechoota, fayyadama irraa deddeebii jechoota, fayyadama himaa, Himaa dheeraa,h imaa gabaaboo, fayyadama mallee dubbi irratti qabiyyeewwan akkasii ilaalee jira .

### 2.1 Yaadrimee Afaanii

Afaanii meeshaalee waqunnamtii dhalli namaa walii galuf dhimaa iiti bahu keessa isa guddaa fi Angafa ta'e hayyoonni garagaraa ni addeessu . dhalli namaa dur irraa jalqabee afaaniiti Dhimma bahaa akka dhufee dfi afaaniif hawaasni gargara bahanii ilaalamuu akka hin Dandeenye hayyuu Zdenek (2007:49) yoo ibsu afaaniifi hawaasni waan gargar bahanii ilaalamuu Akka hin dandeenyee fi hawaasni yookiin namni dhuunfaa afaan malee jiraachuu hin dandeenyee nutii agarsiisa. karaa biraatin hawaasni afaanii isaatti yemmu gargaraamu dhimmoota garagarra irratti dame hawaasa san a keessatti adda adda uumammu akka malu Hayyulee xinqooqa hawaasumma nu hubachisuu . ka na jechuun hawaaasni afaanii isaatti Fayyadamee aadaa, duudhaa, eenyumaa isaatif dhimmoota hawaasicha ilaallatan akka ittin ibsachuu danda,a niidha yaada ilaalchisee Zdenek 2007:198) yaada hayyu kanarra akka hubachuun danda'amutti hawaasa afaan tokko dubbatu keessatti haalli garee adda adda Hawaasicha keessatti argaman garaagarummaa jiraachuu akka danda'u hubachuun afaan Qorachuun barbaachisaa akka ta'ee yaada kana hubanna.

### 2.1.1 Fayyadama Afaanii

Afaan ta'iiwwan dhalli namaa ittin waliigaluufi ittiin yaada wal jijjiratuudha. Haata'uu malee Ilmi namaa haalli ittin afaan fayyadamee ittin waliif galuufi ittin ergaa wal jijjirratu garaagara , Garaagarummaan kunis fayyadama Afaanii jedhama .sababni isaas fayyadamni afaanii nama kamiyyuu biratti dhimma nuti haasofnu sanaan murtaa'a Namoonni afaan tokkotti Fayyadamanii yeroo ergaa dabarfatan dhimma dabarfataniifi ergaa dabarfatan irratti hundaa'uun afaan tokko keessa looga filaachuuniifi afaan biraa irraa jechoota ergifachuun itti Fayyadamu. Yaaduma kanaan kan wal fakkaatu, Namoonni haala kanaan fayyadamuufiis haalli Hawaasumma isaa keesa jiran ,dhiyeenyii fi fageenyi kaayyoo isaan Hawaasummaa waliin qabanii murteessummaa qaba. akka Jaalallii,(2002) wabeeffachuun ibsisetti , fayyadamni afaanii karaa afaaniitiin walitti dhufeenyi yeroo taasifamu, namni tokko yookaan hawaasichi afaanii eenyuun? Enyuuf?yoomiifi? eessatti? Afaan kamiin ? maal jedha? Isa jedhu agarsiisa . jechuun keessi yaaduma kana cimsu Beekaan hayyoota garaa garaa wabeeffachuun yoo kaa'u:

> Itti fayyadama afaanii jechuun haala tajaajila afaan iddoo adda addaa keessatti qab udha .haala kana clark (1996)yoo ibsu itti fayyadamni afaanii hojii kamiiyyuu keessattii *Barbaachisaafimurteessaa ta'uu isaa lafa kaa'ee jira kanaafuu hojii n itti fayyadama afaani Irratti hojjatamu, garaagarummaa haala xinqooqaafi hawaasumma jiru adda baasuufi ibsuu Rraatti xiyyeeffachuu qaba .kana jechuun haala itti fayyadama afaanii hunda adda addumma Hawaa saa sababa afaaniin uumamu kan hammatudha . as keessatti, garaagarummaa kan,* Jedhu namni dubbatu sun gosa garaagara afaanicha keessa jiru filatee kan dubbatu ta'uusaati Beekaan ,(2015:3)

Akka yaada kanaatti itti fayyadamni afaanii tajaajila afaan yeroo adda addaatti hawaasa keessatti qabu jechuudha.tajaajilli afaanii kunis hojii hawaasummaa kamiyyuu keesatti baay'ee barbaachisaafi murteessaa ta'uu isaa agarra . Akkuma walii galaatti fayyadamni afaani tajaajila Afaan hawaasa keessatti qabu yoo ta'u kunis hawaasni yeroo dhimma tokkof itti fayyadamu Dubbii afaanii dhama qabdutti fayyadamuu jechuudha . itti fayyadamni afaanii akkuma sagalee dubbii afaanii keessatti tajaajila murteessaa fi barbaachisaa qabu.hojiiwwan uumee afaanii keessattis tajaajila fi bayyee barbaachisaa qaba.

Afaan karaa ergaa ittin dabarfatan keessa isaa ijoo waan ta'eef hojii kalaaqa sammuu dhalla Namaa keesattii ga'ee guddaa taphata. Hojiin uumee og barruu tokko dubbistootaaf dubbifamuufi dhiisuu akkasumas jaalatamummaa hawaasa biratti argachuufi dhiisuun isaa kan ittin beekamu yookaan madaalamu fayyadama afaaniin hojii kalaqa sammuu og barruu keessatti

miidhagina jechuun barreeffamoota walitti fidanii hima ijaaruu miti .jechoonni hammam kan Barreeffaman ta’aniyyuu barreessan jechoonnin an fayyadame kun ergaa naaf dabarsuu akkasumas miira dubbistoota naaf hawwatuu jedhee kan barreessuudha. Sababni isaas hojiin uumee og barruu hawaasa keessatti tajaajila barbaadame dabarsuuf itti fayyadama afaanii sirritti yoo fayyadameedha. Kanaafuu bareessan og barruu karaa adda addaatiin afaanitti fayyadamuufi ga’uumsa cimaa ta’ee qabaachuutu isa barbaachisa . yaaduma kana ilaalchisee zariihun , (1995).wabeeffachuun yoo ibsitu

> *Barreessaan daandeetti afaanii olaanaa ta’e isa barbaachisa yeroo jedhamu, karaa biraatin yaada isaa sirriitti haala ifaafi nama hawwatuun ibsuufi dabarsuu danda’uuqaba jechuudha.akkas gochuuf immoo amalac jechootaa haala galumsaa isaaniifi akkaataa uumama isaanii beekuu qaba . hiikaafi midhagina jechoonni haala adda addaa keessa galuun kennukennuu danda’Beekaan irraa eegama* Zariihun, (1995).

yaada kana irrattii wanti hubatamu danda’u barreessan kalaqa hojii og barruu tokko kan kufu itti fayyadama afaanii sirritti yoo beekuu baateedha akkasumas dandeettiin fayyadama afaanii isaa dadhabaa yoo ta’ef haala kam keessatti jecha kam fayyadamuu yoo baate hojii isaa fudhatama dhaba jechuudha. Kanaafuu barreessan tokko dandeetti afaaniifi itti fayyadama afaanii qabaachuutu isaarraa eegama jechuudha.

### 2.1.2 Fayyadama dhamsagoota irraa deddeebii dubbachiftuu fi dubbifama

Dhamsagnig gurmuu sagaloota sagaloota xiinqooqa kan afaan iirraa kaasee hanga barru kana keessatti jechii innoo isaa biraarraa baasuuf hiikaa adda addaatu argama keessumaa asoosama **Arraa gurbaa** keessattii irraa deddeebbii dubbachiftuu keesatti hiikii adda adda ta’uuisaa arginaa . inni braa dubbiffama keesattii deddebbii haala sagalee adda addan gamaa dubbiffaman asoosamichaa keessatti kan barreessan dhimma itti ba’eedha .

#### 2.1.2.1 Fayyadama dhamjechaa

Jechi tokko dhaamsa ergaa tokko yookiin tokko ol of keessa qabachuu ni danda’u jechi tokko dhaamsawwan adda addaa agarsiisan addaan baafatanii beekun ni danda’ama unkaan dhaamsa Tokko qofa qabu dhamjecha jedhamuGeetachoo, (2008.60).dhamjechi dhaabatafi hirkaataa Jedhamuun bakka lamatti qoodama dhamjechi hirkaatan dhaamsa inni qaba inni qabu yookin wanta inni bakka bu’u ifaan kan mul’atu yemmu inni jechatti xiqqaan gara bitaa yookiin gara

Mirgaatti itti maxxansuun agarsiifama jechi dhaamsa tokko qofa qabu dham jechi dhaabataa of Danda'aa jedhama . dhamjechi hirkaatan jecha ta.uu hin danda'u dham jechi hirkataan afaan Oromoo keessatti gosa lamatu argama isaanis dureefi duubee jedhamu Geetachoo,(2008).

Namni tokko dhamjechoota of dandaa'oos ta'ee hirkaatootti yeroo fayyadamnu of eegannodhaan ta'uqaba . sababni isaas keessumaa dham jechoonni hirkaatoon kophaa isaanii osoo jechaatti hin maxxanin hiikaa hin godhatan , kanaafuu dubbisaan dhamjechoota kana yeroo isaaniiti dubbissunni dogoggora hubannoof saaxilamuu yookin ergaa barreeffamichaa sirritti hubachuu dhiisuu danda'a kanaafuu afaan keessatti keessummaa immoo barreeffama keessatti yeroo dhamjechaatti fayyadamu haala fayyadama isaanii sirritti beekuu qaba.

### 2.1.2.2 Fayyadama jechoota

Jechi qindoomina sagalee irraa kan uumamu, hiikaa isaa kan qabu kutaa caasaa afaanii keessa isa Tokkodhsa. Sagaleewwan afaan tokkodubbifama fi dubbachiftuu waliin ta'uun jecha uumu kunis Caasaa afaan sagaleewwan irraa uumamee sanaa eegun unka mataa isaa kan qabudha yaaduma kanaan kan fakkaatu Addunyaan yoo ibsu " jechi qindeeffamee dhaamsa guutuu birsagootaf Dhamjeechoota kan unkaalee hiikaa tokkofi isaa ol qabaniin dhiyaatu fgi nof danda'e Dhaabatudha . gama biraatin , bakka bu'aa muuxxannoo hawaasa tokkoti muuxxannoon Hawaasaa tokko immoo bal'ina hawaasichaa , mala isaa siyaasa isafi wkf bu'uureffata" Addunyaa, (2018:35)

Akka yaada kana irraa hubannutti , jechi qindaa'ina sagalee irraa kan uumamu kan hiika tokko fi Lamaa ol qabaachuu danda'u ta'ee hawaasa tokko keessatti bakksa bu'aa waan tokko kan Ta'eedha Beekan Gulummaa waa'ee jechoota kana akka itti aanutti ibsee jira. "jechi qindaa'ina Sagalee ta'ee kan hiikaa guutuu qabudha. Jechi mallattoolee sagalee dubbitin seera barreeffama Afaanii eegee akkaataa hiikaa qabaachuudanda'uu walfaamna bu'ee kan ijaaramudha. "Beekan, (2015:240) akkaa yaada kana irraa hubannutti , jechi qindaa'ina sagalee irraa uumamuu hiika Guutuu kan qabu ta'e mallattoolee sagalee dubbitiin seera barreeffama afaanii eegee kan Ijaaramudha. Akkasumas fayyadama jechaan ilaalchisee akka itti aanutti yoo ilaalee afaan karaa yaadaatiin dabarfatan keessa isa ijoo waan ta'eef hojii uumee kreesatti ga'ee guddaa taphata qabiyyeen ogbarruu tokoo dubbistootaf ifa ta'uufi ta'uu dhiisuun akkasumas , hojiichii cimaa ta'uufi ta'uu dhiisui isaa kan madaalamu kartaa afaaniitiin , hojii uumee keessattin miidhagina

Jechuun kuufama jechoota miti , jechoonni hammam kan filataman yoota’an iyyuukana jechuun Barreessan fakkii naaf uuma yaadan dubbistootaf dabarsuu barbaade haala seera qabeessa Ta’een yoo itti hin fayyadamne ta’e midhagina afaanichaa ibsuu dhiisuu isaaniitin alatti Barreeffamichi dhaama akka hin qabaanne taasisa. Kana waan ta’eef s barreessan tokko Jechoota gaaleewwanii fi jechootatti fayyadame yaada yookiin ergaa barbaade dabarsuuf ergaa Afaanii cimaa ta’e qabaachuu qaba. Kana ilaalchisee Jaalallii (2002) wabeeffachuun akka ibsetti,

> *Barreessan dandeetti afaanii olaanaa isaa barbaachisa yeroo jedhamu, karaabirainyadada isaa sirritti haala ifaafi nama hsawwatu ibsuufi dabarsuuf danda’uu jechuudha akkas gochuuf immoo amala jechoota haala galuumsa isaanii fi akkaata umama isaanii bekuu qaba. Hiikaa fi midhagina jechooni haala adda addaa keessa galuun kennuu danda’beekun irraa eegama Jaalallii, (2002; 12).*

Yaada kanarraa wanit hubatamuu danda’amu barreessaan ceephoo irraatti kan kufu afaan ittin Barreessu yoo sirriitti beekuu baatedha . dandeetti afaan isaa yoo dadhabaa ta’eefi haala kam keessatti jecha kam fayyadamu akka qabu yoo beekuu baate , yaadni inni kaasuu barbaade sirritti kan ibsamee fi ifa ta’uu hindanda’u jechoota qo’achuuf fi akkaata fayyadama isaanii sirriitti beekutu irraa eegama jechuudha .

Asoosama” Arraa Gurbaa” keessatti jechoonni gosa adda addaa ni argamu isaanis filannoo Jechoota, jechoota deddeebii, jechoota loogaa, jechoota ergisaa, jechoota faallaa , jechoota Hirkaatoo ta,anii kutaa kanaa sirritti haalli fayyadama jechoota kun maal akka faakkaatu ilaalla

### 2.1.2.3. Fayyadama Filannoo jechoota

Fayyadama afaanii keesatti filannoo iddoo guddaaqaba.barreeffama tokko keessatti jechoota Hiikaa qabeesa ta'anii yoo fayyadamne, dhaamsa dabarsuun barbaanne guutummaa guutuutti nuuf dabarsuu danda'a haaluma kanaan asoosamichaa keessatti jechoota garaagaraa filatte itti Fayyadammu barreessitoonni hojii kalaqaa barreeffama isaanii keessatti haala fayyadama Afaanii idilee ta'e egaanii deemuuf hin dirqaman kunis hojii kalaqaa waan ta'eef asoosama Tokko yoo filannoo jechoota hiikaa kallattiin Qabaniif hiikaa dhokata qaba jechuun ilaaluu nidanda'ama namni jechoota sana yoo dubbisu ergaa isaa barreeffama sana keessatti qaban garuu dubbisaa salphaatti hubachuu warra gargaara yemmuu ta'an jechoonni hiikaa dhokataa qaban garuu dubbisaan ergaa asoosama itti fayyadama dabarsuuf ka'e wantoota bira waliin

walqabsiisuun hiikaa yoo itti kanna malees kan salphaatti dhaamsa asoosama dabarsuuf ka'e bira warra namaa hin geelchifnedha kana malees asoosamni jechoota hiikaa irraakaasee haala Fayyadammuu dhaamsa dabarsuu danda'a kara biraattin filannoo jechoota ilaalchisee akka Al Filannoo jechoota ogbarruu kanaafuu sirritti itti yaadanii kan Barreeffaman ta'uu qabu ogbarruu baayinni jechoota isaa kan saayinsii wajjii walibira qabamee yoo ilaalamu muraasa ta'uusii tokkbaatee tokko isaa ergaa bal'aa kan baatee hogbarruufin Dubbii qolaawwan ofkeessatti hammata

Barreessaan yaadasa ibsachuuf jechootatti fayyadama yaada kana (Zarihunun (1992) akka ibsutti Filannoo sadarkaa yaada ofii ittin ibsetti barreessan tokko jecha yaada isaa sirriitti ibsuu fi danda'u, filatee filannoo jechootaa irratti dhimma ba'uu danda'a.

### 2.1.2.4. Jechoota loogaa

Loogaa jechuun unkaa afaan tokko kan kutaa biyya afaanichi keessatti dubbatamu keessa Iddoo tokkotti tajaajiluudha kitaabni dictionary of language and linguistcs ‘ jedhamu haala armaan gadii kanaan ibsa.

> *Loogni sababa haala teessumaa naannoo yookiin hawaasaa irraa kan ka’e gosti afaanii garaagaraa kan afaan waaltawa hawaasichairraa haala Sagaleessuucaaslugaa fi hiikaa garaagarummaa qabu uumamuudha Garaagarummaa jiru sagaleessuu qofarrattii yoo ta’e looga osoo hintaane Akkaataa dubbii (**Accent**) jedhamuHartmann,(1972:65)*

Jechoonni loogaa barreeffama akka asoosama keessatti tajaajila ni kennu . kun immoo Barreessan haala jireenyaa qooddattaa (character) loogaa naannoo sanaan dubbisa kanaan walqabsiisee maalumaafi faayidaa isaanii ‘Harry Shaw’ haala kanan ibsa ,

> *Loogni afaan aanaa kutaa yookiin garree namoota muraasa ta’e kan sagaleen, Caaslugaan fi filanmnoo namoota itti fayyadamanii isaan biro irraa haala Teessumaa lafaayookiin hawaasumaa adda bahaniidha mallii guddan Amaleessuu keessatti fayyadu barreessan seens asoosama keessattii nama Naannoo tokko Fudhachuun dubbisiiseehaala barumsaa hawasummaafi Teessumanaannichaa mul’isuudha akkasumas barreessan aosama tokko yookiin Diraamatokko jecha f dubbii qooddata nkennuudhan dhugumaa l looga sanaafi Naannoo walbsiisa* Harry, shaw, *(1972:11)*

Looga kana gama afaan oromoo walin wal qabsisuun yerooilaala mu afaan oromoo loogan Gabbaatadha. sababni isaas ., sabni oromoo baay'inaa waan qabuufi lafa bal'aa walirraa Fageenyaa qabu irraa waan jiratuf loogni n heddumminaan keessatti mul'ata sababni uumamsa Looga kanas lafti afaan oromoo keessatti dubbatamu bal'aa waan ta'eef garaagarummaan Loogaa ni mul'ata loogni afaan oromoo garee gurguddaa sadii qaba isaanis dhiha, bahaa, Kibbaattiii qoodamee kan ilaalamudha caasluga j,j , (1998:1)

Yaada kanarraa kan hubatamu sababa uumamsa looga kanaa kan ta'e sabni oromoo iddoowwan bal'aa walirraa fageenya qaburraa jirachu isaatifi baay'ina qabachuu isaatiin kan uumame ta'uu isaati

Loogaa jechuun garaagarummaa haala dubbii dubbattoota afaan tokko gidduutti mul'atu jechuudha. kunis sababa fageenya iddo dubbattoota afaan tokko giddu jiru irraa kan ka'e haala dubbii hawaasni naannoo tokko jiru itti fayyadama , dubbataan afaanuma sanaa naannoo biraa jiru itti hin fayyadamne yookaan hin hubanne jechuudha. Loogni afaan tokko giddu jiru irraa kan ka'ehaala dubbii hawaasni naannoo tokko jiru itti fayyadamu ,dubbataan afaanuma sanaa naannoo biraa jiru itti hin fayyadamne yookaan hin hubanne jechuudha . loogni afaan tokko keessatti uumamuu kan danda'u bal'ina lafaa dubbattoonni afaan tokkoo irraa jiraataniif dheerina umrii afaanichaa irraa kan ka'e uumamuu danda'a yaaduma kana barreeffamni cimsu **LOOGAA**jechuu**n** garaagarummaa addaaddaa afaan tkko keessatti jechaan, seerlugaan, sagaleessuufi dubbiidhaan hawaasa tokko keessatti sababa garaagarummaa hawaasummaa fi naannootiin muldhatudha**". Jenet, (2001: 132)** yaaduma kana irraa akka hubannutti AFaanonni akka afaan oromoo bal'ina lafaafi baay'ina ummata hedduu qabu,looga garaagaraaqabaachuun beekama yaadonni asii olitti ka'aniis kanuma kan ibsaniidha. Afaan kamiyyuu loogaa qabaateef guddina hin dhiisu. Guddachuufiis hojiilee kalaqaafi uumee afaan tokkof bu'uura hojiilee kalaqaa kuniinis Asoosama, Diraama, walaloo. Filmii isaan bebbeekamoodha, barreessan tokko yeroo asoosama kalaqu deddeebii keessalooga naannoo isaatti dhimma ba'uu danda'a . dubbstoonniis yommuu seenichaa dubbisan looga inni fayyadame irraa dhaabbachuun, bakka fi yeroo seenaan sun itti raawwate beekuu danda'u. Kun ammo ergaafi seenaa asoosamichaa hubachuuf ga'ee guddaa qaba. Haata'uumalee jaalatamummaa fi fudhatamummaa seenichaa irratti miidhaa guddaa qaba. Namoonni looga biraa dubbatan

Seenicha yeroo kalaqu looga waltaa'aa afaanichaatti fayyadamuu qaba.asoosama kana keessatti Looga gamaa jechaa ta'uisaadha asoosamaa Arraa gurbaa keessattii.

### 2.1.3. Jechoota Ergisaa

Ergifannaan amala afaanii keessa isaa tokko , afaan tokko afaan biroorraa ergifachuun danda'a afaan addunyaarraa haaxiqqaatu malee afaan osoo hin ergifatin jecha afaanichaa qofaatti Fayyadamu hinjiru garuu hangi ergifannaa isaa walcaaluu danda'u Ergifannaan kunis sagaleeti hanga hima ga'utti ta'uu danda'a waa'ee jechoota ergisaa O' Grady , akka jedhetti " many linguistic change can be attributed to borrowing . the acquisition of words sound sor rule strom another language (Ibidi ,p,1996). Akka waraabbii kanarraa hubannutti ergifannaan afaan tokko yeroo afaan biroorra sagalee, jechoota fi seera fudhachuun itti fayyadamuudha ergiffanna kun sadarkaa sagalee , jechaa fi hamnga himatti ta'u Ergiffanna kanaaf wantoonni sababa ta'uu Saayinsiifi teekinoolojii , karaa olaantummaa siyaasaa walqabatee afaan tokko afaan Tokkorraa calchisanii ilaaluu n jechoota afaan ofii dhiisanii kan afaan biro sanatti fayyadamuun Jechoonni sun afaan sana keessatti makame deemuu . afaan oromoo ilaalchisun yaadi ergifanna Jedhuu wiirtuu jildii5ffaa irraatti akka ibsameetti,

> *Haala liiqa ergifanna kanan afaan oromoo yoo ilaallu, sirnoota darban keessatti Olaantummaa Afaan amaara biyyaatti kanakeessatti qabaataa tureerraa kan Afaan kanarraa waan hedduu ergifatee argama. Haata'u male afaanotaa Awuroo Paa kan akka afaan ingilizii , Faransayii, xaaliyanii, fi akkasumas afaan Arabarraa Liqeefachuun hin oollee(Jamsgeen , 1992:45)*

Jechoota ergisaa jechuun afaan tokko keesatti afaan of danda'e birraa irraa jecha fudhatanii yoo Itti fayyadamankan mul'atu jechuudha . kunis yeroo baay'ee jechi kallattiidhaan wanta tokko ibsu yoo dhabameefi jechi afaan sana keessatti wanta sana ibsu, looguma afaan sanaa kan biraa keessatti jecha safuu yoo ta'e :afaan biraa jecha want asana ibsu fuudhanii itti fayyadamuu Ergifanna jechaa jechuun sagaleen yookaan jechi afaan tokko gara afaan biraa keessatti Cee'umsi tajaajila kennuu jechuudha . Cee'umsi kunis harka caalu dhiibbaa afaan tokko afaan Naannoo isaa jiru irratti godhuun kan dhufu ta'uu isa hubanna yaaduma O'Grady (1995:25) wabeeffachuun yoo ibsitu:

> *Bakkadhamjechoota yookiin latiilee Afaan oromoo keessaa argachuudhabnetti Jaalannus jibbinus ni liqeeffanna haata'umalee dhalli namaa akkuma wali tti dhufeenya isatti walirraa liqeeffata afaan tokko afaan tokko irraa jecha tokkoo Ffudhachuuf wal fedhiin uummataaafaanoota walirraa ergifatan Jiiraachuu qaba . O'Grady,(1995;25)*

Yaada kana irraa kan hubannu: afaan tokko keessatti sagaleefii jecha wanta tokko bakka bu'ee dhibbaaf dhibbaatti nuuf ibsu yoo dhabne , afaan biraa irraa liqeeffachuun dirqama ta'uu isaa hubanna. Akkuma walii galatti jechoonni afaan biraa kan ergifamu afaan itti fayyadamanu sana keessaa jechoota moggaasa tokkoof fayyadan yoo dhabamaniifi afaan tokko afaan biraa irratti duraan dhibbaa geesisee yoo ture jechoonni walirraa ergifamuun afaan lammaffaa keessatti itti fayyadamu.

### 2.1.3.1 Jechoota Faallaa

Jechoonni faallaa yaada faallaa qabaniidha yaadoonni faallaa karaa addaa addaan ibsamu danda'u Addunyaa(2014:112) jechoota faallaa kanneen jennu walitti dhufeenya jechoota walmorkatan lama gidduu jirudha ." jechoota kanaas karaa adda adda arguun ni danda'ma Isaanis jechoota faallaa keessatti jechoota siyaasa agarsiisan arguu dandeenya yeroo baay'ee Barreessan barreeffama og barruu keessatti bifa dhokaata ta'een yeroo itti dhimmaa ba'amutu mul'ata barreessan barreeffama isaa keessatti jechoota adda adda waan adda addaaf itti gargaramuu danda'a jechoonni kun kallattii yookiin alkallattiin waan jedhamuun barbaadame kan mul'isanidha jechoonni siyaasa yommuu barraa'an sirriitti ilaalamu qaba sababni isaa yaanni barreessan dabarsu barbaadufi akkaataa dubbisaan hubatu wal unaachuu waa n qabuufi Akka fakkeenya ati asoosamicha keessa kan barreessan jechoota faallaa fudhatame akka Asoosamicha keessatti fayyadameera.

### 2.1.3.2 Jechoota hirkatoo (clitics)

Afaan oromoo keessatti jechoonni hirkatoo (clitics) jedhaman walqabsiistuu (conjunction ) Bamaqaa (pronoun ), haala dubbii agarsiistuu ( discourse marker ). Durduubee ta'uu danda'u Jechoonni hirkatoo kun duree fi duubee akkasumas jechoota hirkatoo jechoota qofaa isaani of danda'uun himaa keessatti dhaabbachuun hin dandenyeedha isaan kun himaa ijaaruu keessatti murteessadha. Jechootni kun jechoota irraatti maxxannii dhufuun caasaa himaa ijaaruu keessatti qooda fudhatu Akka rakkootti kan ilaalamu garuu barreessitoonni hedduu. Yeroo isaan akkuma

jecha of danda'attii qofaattii baasanii barreessantu argamu. Jechi tokko of danda'ee himaa keessatti dhaabbachuuf hiika mataasabarreessantu argamu. jechi tokko of danda'a hima keessatti dhaabbachuuf hiikaa mataa isaa qabachuu dhamjechoota biro maxxanfachuuf danda'uufi hima keessatti dhaabbachuufii bakka bakkattii socho'uu danda'uu qaba jechootni hirkatoo garuu Amala kan hin qaban barruu filatane kana keessatti asoosama Arraa Gurbaa jechoonnii hirkatoo jiru isaanis -dha –ti -fi -rraa -ttii –rrattii jedhamu argamu

### 2.1.3.3 Irraa deddeebii jechoota

Hima keessatti jechootni lama yookiin sadii ta.'an yaaduma tokko ibsaniif himaa sanaf Faayidaa adda hin qabanne akka irraa deddeebii jechaatti fudhatamu jechi hima keessatti hirmatu ergaa himaa sanaaf gabbisuuf cimsuuqaba jechootnii irraa deddeebi'aman garuu yeroofi kana fakkatan fixu malee faayidaa hin qaban dabalees dheerachuun dubbisaaf nufisiisaa fi ergaa himaa dhoksuudanda'a lachuu yaaduma tokko waan ibsanif akka irraa deddeebbitti fudhatamu kanaaf isaa keessa tokko qofa fudhachuun ergaa himaa keenyaa galman ga'uu dandeenyaa

### 2.1.3.4 Himaa

Hima jechuun qindoommina jechoota ta'ee yaada guutuutti tokko yookaan ergaa tokko dabarsuu kan danda'aniidha himni kunis gaalee tokko yookkaan tokko ol of keessa qabachuu danda'a yaaduma kana barreeffama cimsu .

> *Himni qindaa'ina jechoota ykn gaaleewwanii gaaalee maqaafi xumura ta'ee kan Ergaa guutuu dabarsu, kan dhumarratti tuqaa, mallattoo gaaffii yookaan Mallattoo raajeffannoo fudhatudha akkasumas kan dubbattoota afaanichaBiratti fudhatama qabu ta'uu qaba Beekaan, (2015:250).*

Yaadni kun kan nu hubachiisu : himni qindoomina jechoota ta'ee ergaa guutuu kan dabarsuu Gochima yookaan xumurtuu kan ofirraa qabu., akkasumaas gaalee tokkoofi tokkoo ol kan qabu Sirnaa tuqaaleen deegarame ta'uu isaa hubbanna. Fayyadamni himaa jechuun barreffama afaan Tokko keessatti akkaataa ijaaramminsa himaa wal duraa duubaan galchinee itti fayyadamnu Jechuudha . fayyadamni himaa kuniis irraa caalaatti barreeffama og barruu afaan tokko keessatti kan nu quunnamaniif mul'atanidha . Haala fayyadama himaa Og barruu keessatti karaa lama ilaaluu dandeenya isaanis

### 2.1.3.5 Himaa DHeeraa

Jechoonni kophaa isaaniitti hiika of danda'e mataa isaanii qabu. Jechi tokko hiikaa tokko ol qabaachuu danda'a . yeroo jechoota biro waliin qindaa'e dhaabbatu immoo hiikaa mataa isaanii irraatti dabalataan hiikaa lamaafi ol qabaachuu danda'a waliitti qindaa'ansi jechi tokko jechoota biraa wajjin uumuun hiikaa kennan kunis himaa jedhama malli barreessitoonni ittii yaada ibsatan akka fedhiifi dandeettii barreessatti garaagara haata'uu malee filannoo jechootaan alatti akkataan qindaa'ina himaa tooftaa yaada ittin ibsatan keessa isa tokko barreessitoonni ergaa yaada guutuu qabuufi milkaa'aa ta'e tokko dabarsuuf , dandeetti ibsuu jechoota bu'uura taasifachuun iddoo adda addaati ba'an tokkummaa akka uumu gochuun himoota ijaaruu. Himoonni ijaaraman kunniiniis adeemsuma yaadonni walqabachaa adeemuun dheeraachuu danda'u yaadonni walqabatanni hima dheeraa uuman kunis dhaarina himaa jedhamu.

### 2.1.3.6 Himaa Gaggabaaboo

Himoota gaggabaaboo kan jennuu hojii kalaqaa yookaan og barruu tokko keessatti hmoota Baay'inni jechoota irraa ijaaramee yookaan gaalee inni irraa ijaaramee muraasa ta'aniidha Barreeessan og barruu yommuu barreeffama og barruu barreessu haala ittiin yaadaafi ergaa Dabarfachuudha. Himoonni kunniiniis yeroo baay'ee barreeffama og barruu keessatti baay'inaan kan mul'ataniif barbaachisoo ta'aniidha.

### 2.1.3,7 Malleen dubbii ykn dubbii qolaawwan

Mallee dubbii afaan og barruu keessaa tokko ta'ee wanta ogbarruu sana keessatti ibsamu Barbaade haala adda addaan fayyadamuun ka n ibsu je chuudha. Yaaduma kana irratti,

Afaan og barruu keessa inni hunda dursu dubbii qolaati yeroo baay'ee barreessan jechooni hiikaa akka qabaatan gochuun ogbarruu kalaqaa jechoota kana duubas hiika dhokataa ruuquun hubannoo dubbistootaa hawwata xiyyeeffannodhanis hiika jechoonni kallattiin qaban irraa maqee yeroo fayyadamu dubbii qolaa ibsama Fedhasaa ,( 2018:158)

Addunyaan, (2013:208)yoo ibsu malleen dubbii fayyadama afaanii haala salphaa ta'een Dhaamsa tokko kan namoota dabarsuudha .yaada kanarraa kan hubannuu malleen dubbii Asoosamicha keessatti qaama barbaachisaa ta'e haala salphaa ta'een ergaa kan dabarsuudha Jedha" akka yaada barreeffama kanaatti , malleen dubbii fayyadamnu wanta tokko karaa

walxaxaa hintanee ergaa kan dabarsudha.akka Wasaneen(2008; 143) irratti ibsaniitti malootni dubbii qindeeffama haala qarooma qabuun ijaarame kan miiraa namaa kakaasu yookin dammaksu keessatti ga'ee olaanaa akka qabudha. Kun immoo miiraa namaa kakaasu yookiin dammaksu keessatti ga'ee olaanaa akka qabuudha . kun immoo miiraa olaanaa yeroo uumu keessatti dandeetti hubannoo cimsuu akka danda'udha.

Akka walii galatti kan hubannu barreeffama tokko keessatti ergaa tokko haa;lsa miiraa namaa keessatti fakkii uumee , miidhakseefi salphaatti akka hin irraanfatamneetti dhiyeessuf malleen dubbii akka dhimma baasuudha. Dabalataanis, haala jiruuf jireenya hawaasaa tokko keessatti namoonni waan haasa'a nii fi rawwatan mallee dubbii yoo dhimma ba'an wal dhabdee hin barbaachisne irraa illee walaba ta'uun akka jiraatan irraa kan hubannudha. Mallee dubbiijiru isaanis Akkasaa' Bakkasaa, Nameessa, Arbeessu, Eemiti, Fakkoommii k.kf ni jir asoosamicha keessatti itti dhima baaheera.

**2.1.4 Fayyadama Mammaksaa**

Mammaksa afaaninkan dubbatamu ta'ee ilaachaa fi muxxannoo hawaasa tokko kan mul'isuudha Akka Fedhasaa ,(2017:79). irraatti akkas jedha :mammaksaai mala ittin yaada bal'aa yookiin dubbidheera tokko himaa gababaa kurfeessanii kaa'aniidha . kana malees mammaksi himaafi yeroo qusachuuf, akkasumas , dubbii haala hin dagatamneen akka darbuuf , yookiin hubatamuuf garagaara, kanamalees yookiin himaa baay'ee gabaaban yaada baay'ee bal'aa ta'e dabarsu jechuun nidanda'ama yaada kanarraa akka hubannutti nmammaaksi dubbii gabaabsuuf kan itti gargaaramnu ta'ee muuxannoofi muudannoo , aadaa fi dhuudhaa siyaasa ibsuuf gargaaramna .

Haaluima kanaan , namoonni dubbii isaanii gabaabsuu akkasuma barreeffamoota ogbarruu keessatti barreessan mammaaksa ni gargaarama. Barreessitoonni barruu isaanii keessatti Mammaaksa dabaluun barreeffamichi miidhagina akka qabaatufi miira namaa akka kakaasu godhu . kunis , yaada ba'ina qabu tokko walitti qabee dimshaasheessu bifa ittin dabarfatuudha . Mammaakamuu qaba tokko miti. sababiin isaas ergaan mammaaksaa dubbataa afaanichaaf malee hiikaa namni kallattin afaan biraarraa fuudhee ittin kennu miti walumaagalatti yaada kana irraa kan fayyadamni afaanii kamiyyuu mamaaksa qabaachuu isaati , yaada kana jechuun

Deeggara mammmaaksonni qaama dubbii tokko ta'ee kaayyoo dhimma dubbatamaa jiru sanaa Deeggaru kan qabuufi bifa g abaaba ta'uusaa ibsa.

**2 Sakatta'a Barruu Wafakkii**

Kutaa kana keessatti qorannoowwan qorannoo kanaan wal fakkaatu sakatta'umsa amma beekumsa kootii hojiiwwan gama fayyadama afaanittiin ogbarruuwwan afaan oromoo irratti hojjataman kanneen beekuufi argeen wal bira qabee garaagarummaa isaaniifi wal fakeenya isaanii haala kanaan kaa'era.

Hojiiwewan qorannoo fayyadama afaanii irratti gaggeeffaman keessa tokko , qorannoo Jaalallii Hayiluun mata duree " xiinxala fayyadama afaanii asoosama yaadanii keessatti **"** jedhu bara 2002 ALI HOJJATAMEEDHA. Qorannoon kun fayyadama afaanii irratti kan hojjatame ta'ullee qorannoo kanarraa tokkummaa qaba . Jaalalli kun fayyadama afaanii keessatti fayyadama Seerluga kana dhaamsagoota karaa firoomina sagaleen , jechoota , hirkaatoo , jechoota, kottoonfeeta irraatti baay'inaan kan xiyyeeffatedha . qorannoo kun ammo fayyadama afaanii keessa fayyadama dhamsagoota dhamjechaa, filannoo jechoota fi jechoota looga sadarkaa Jechaati jechoota ergisaa faallaa himaa malleen dubbii mammaksaa kan irratti xiyyeeffatedha kanamalees qorannoo kun kitaaba asoosama mata duree isaa"**ARRAA GURBAA**" jedhu irratti kan hojjatame yemmuu ta'u Jaalallii immoo asoosama "**Yaadanii "** irratti kan hojjatameedha.

**Inni lammaffaa**immoo qorannoo Ayyaantuu Abrahaamin mata duree "xiinxala fayyadama Afaanii asoosama "**Hiree Jal'atte** " keessatti jedhu bara 2009 ALI tti hojjatameedha . Qorannoon kun fayyadama afaanii irratti kan hojjatameta'ullee akkuma kan Jaalallii qorannoo Kana irraa gaagarummaa qaba qorannoo Ayyaantuu kun itti fayyadama afaanii keessatti Fayyadama afaanii keessa fayyadama jechootaa irraatti kan xiyyeeffate yeemmuu ta'u innis jechoota loogaa, jechoota ergisaa , jechoota tiishoo akkasumas fayyadama himaa keessa himaa dheeraafi himaa gabaabaa irratti kan xiyyeeffatedha. Qorannoo kun ammoo fayyadama Afaanii keessa fayyadama dhamsaga deddebii , dhamjeecha filannoo jechoota , irraa deddebii Jechoota , jechoota loogaa, jechoota ergisaa, faallaa himaa dheeraa gabaabaa mallee dubbii Mammaksaa irratti xiyyeeffatedha . kana malees qorannoo kun kitaaba asoosama mata duree

isaa “ **ARRAA GURBAA”** jedhu irratti kan hojjatame yemmuu ta’u kan Ayyaantuu immoo Asoosama” **HIREE JAL’ATTE**”jedhu irratti kan hojjatameedha

**Inni Saddaffa**immoo qorannoo Ambassaa Hundee mata duree “ xiinxala fayyadama afaanii Asoosama Dirmammuu keessatti.” jedhu bara 2003 A.l.I. hojjatamedha. Qorannoon kunis Akkuma kan Jaalallii mata dureen inni irratti hojjatame asoosama Dirmammuu irratti yemmuu ta’u qorannoo kun immoo”. ARRAA GURBAA” jedhu irraatti kan hojjatamedha. Akkasuma kan Ambasaa fayyadama afaanii keessatti baay’inaan caasaalee karaa seerlugaan kun ilaalamudha.

**Inni Arfaffaan** immoo qorannoo Abdiisaa Buqqeen mata duree “ mata duiree “ xiinxala Fayyafdama afaanii asoosama” KUUSAA GADOO keessatti “ jedhu kan bara 2003 A.L.I HOJJATAMEDHA akkasuma inni biraa immoo qorannoo GUUTUU Mootummaa mata duree “Xiinxala fayyadama afaanii Asoosama “Kabir Waadoo Gadaa Sabboonaa oromoo keessatti “. Jedhu bara 2002 A L I hojjatamedha. Qorannoon lamanuu mata duree asoosama isaan irratti Hojjataman mataduree qorannoo kanaa irraa adda yemmuu ta’uu akkuma kan Jaalallii Xiyyeeffannoon isaanis karaa seerlugaa irratti kan xiyyeeffatanicdha Wal fakkeenyi Qorannoowwan kunniifi qorannoo kanaa akkuma walii galaatti fayyadama afaanii irrattii Hojjatamuu isaanitti.

# BOQONNAA SADII: XINXALA FI FAYYADAMA AFAANII

## 3. SEENAA GABAABAA ASOOSAMICHA

Kitaabni asoosamaa “Arraa gurbaa”kun akka lakkoofsa awurooppaattibara (2018) Addunyaa Barkeessaatiin barreeffame. Seenaa asoosama kana haala jireenyaa qonnaan bultoota Godina Iluu Abbaa Booraa Ganda Tuulama Adaree fi haala ittiin warri aangoo of harkaa qaban ittin Qonnaan bulaa cunqursan irraatti hundaa’uudhaan kan kalaqameedha jirun qonnaan bulaa Cimaa IIuu Abbaa Booraa Ganda Tuulamaa Adaree keessa jiraatuudha. Yeroo mara hojiisaatiif waan dhimmuuf namoota ollaasaa jiran keessaa baayyee sooressa**.Jiruun** haadha warrasaa DHibbisee fi mucaasaa Abdii waliin jireenya gaarii jiraata kana hin naafanii akkamitti akka isa balleessan yeroo hedduu mar’iatu hinaaftonni isaa guyyaa tokko obboleesa Jiruutu Daboo wammate bakka daboo kanatti osoo hojiira jiranii warri Jiruu hin jallanne shirra xaxan kaniisa Naannoo hojii sanaa jirtu kaasuudhan namoonni iyyaa akka baqatan , akka burjaaja’an taasisaan yeroo namoonni wal keessa fiigan namoonni qophaa’anii eegaa jiran**Jiruu** ukkaamsanii Achi buuteessa dhabamsiisan DHibbisee fi ABdii boo’anii waan godhan dhabanii dhisanii , kaayyoo isaanii ABdiin barnootasaa akka addaan kutuu fi dhibbiseenis joortee akka qe’een JIRUU badu barbaadu DHbbiseen garuu jajjabaatte Abdi akka baratu goote ABdinis utuu warri isaa jibban ilaalanii qabxii olaanaa fidee Yuunivarsiitii Finfinnee seene Achittis warroonni akka Baluuxaafaa Intala Tsigireedaa jedhamtu itti qopheessuudhaan” Nagudeede “jettee akkasheen hiisiftu godhan ABdiinis mana hidhaa seene Barsiisaan Yuunivarsiitichaa Doktor Dabalaan dhugaa

Jiru waan beekuuf akka Abdiin gadhiifamu taasisee kan kana hundaa godhu baluuxaa isaa Aangoo qabuu fi namoota durumaajireenya Jiruujibbaniidha. Abdiin garuu utumaa waa’ee Abbaasaa bade hafeef dhiphaatuu utuuma waa’ee haadhasaa ishee qofaashee rakkatee isa Barsiiftuu utuu dhiphatuu Yuunivarsitti FInfinneetti qabxii fannisee akka achitti hafu ta’e Guyyaan eebbasaa geenyaan dhibbiseen eebbisiisuu gara Finfinnee deemte Doktor Dabalaanis Abdi waan jaallatuuf guyyaa eebbaa achitti argame. sirni eebbaa rawwannaan Doktoor Dabalaa, DHibbisee , Lalisee fi Abdii ta’anii suuraa ka’uuf Magaalaa Finfinnee keessa sosocho’aa osoo iraanii maraatuun tokko namoota ari’aa itti dhufe maraatichi DHibbiseefaa bira ga’ee dhaabbate DHibbiseenfaas nu rukuta jedhanii sodatanii waan jedhan wallaalanii callisanii dhaabatan . maraatuun sun garuu Abdiifaa bira ga’e callisee ija DHibbisee keessa erga ilaalaa

tureen boodaa utaalee DHibbiseetti marame Haadha warraasaa durii ta’uu hubate DHibbiseenis abbaa warraashee durii ta’uu hubate Abdiinis abbaasaa yeroo dheeraaf badee ture ta’uu baree itti marme sadanuu wal fudhatanii dhoqqee keessatti kukkufan Doktor Dabaanis akka Jiruun xiqur Anbassaa deemeev yaalamu taasise Jiruunis ni fayye utuu warri jireenya JIruu jibban ilaalanii qe’een JIRuu gammachuudhaan machaa’e walumma galatti seenichi haala gammachiisaan xumuramee.

Boqonnaa kana keessatti ammo itti fayyadama Afaanii kalaaqa isaa keessatti itti fayyadamee maal akka fakkatu dhiyaata itti fayyadama afaanii dhiyaatu kun fayyadama dhamsagoota , Jechoota looga , ergaa , hirkatoo , irraa deddeebii jechoota , filannoo jechoota, himaa dheeraa , himaa gabaa malleen dubbiidha.

### 3.1 Irraa deddeebii dhamsagaa dubbachiftuu

Irraa dhamsagaa sagalee dubbachiftuu kan mul’atu haala dubbistootatti mul’achuu danda’uuni deddeebiin dhamsaga dubbachiiftuu barreeffama keessatti haala wal fakkaatuun barreessan Asoosama kanaa keessatti deddeebi dhamsaga dubbachiftuu dhimma bahee jira akka ragaatti kitaabicha kan fudhatame.

Ka’ii lallabi guungumii **yuusii** fuula (130) summii si faale walitti **kuusii** fuula( 130) Awaalii dhoksii dhidhima **buusii** fuula (130)barreessan barreeffamasaa keessatti dhamsaga dubbachiftuu deddeebisee fayyadameera kanas bifa walalootiin kaa’era kana keessatti dhamsaga kan taa’an **UU** FI **II**n deddeebi’anii mul’ataniiru barreessichi haala kanaan dubbisaa fi haalii qindoomina dhamsaga dubbachituu jiru.

Asii keessattiideddeebii sagalee dubbachiftuu uu **fi ii** deddebii, amanii argamu garru jechoonni kunnii hiikaa isaanii tokko mitti **buusii jechuun** wanta kennaa ykn waldaan tokko keesstti godhama gama qarshii ta’uu danda’aa

**Kuusii**: jechuun waliitti qabu jechuudha

**Yuusii** : iyyii ykn waccii gama jedhutti hiikama

### 3.1.1 Irraa Deddeebii Dhamsaga Dubbifamaa

Akkataa barreessichi itti fayyadameen keessa irraa deddeebii dhamsaga isa tokko kanaaf akka ragaatti kitaabicha keessa kan fudhataman haala akkasiin kitaabicha keesatti jiru. 1 Isa **dh**abee, arga**dh**en , **dh**abe argani ,argu **dh**abu fuula( 75) 2 **w**al sukkuumuu, **w**al fuunfachuu , **w**al koruu ,**w**al irrraa ,koru, **w**alirraan bu'uun nama miti qileensisaayyuu bareera fuula (99) 3 natu bade, situ **b**ade , natu **b**ade, situ **b**ade , situ **b**ade , naan **b**ade, natu **b**ade buun fuula (218 ) 4 madaan namoota **G**ariin dhiiguu , **g**ariin mala'uu, **g**arii ammoo gubuu eegale fuula (228) 5 **w**aa'ee isa **d**arbee **w**aa.ee isaa dhufuu **w**aa.ee isaa amma yaaduun yeroo fudhate fuula (242)

Asii keessatti sagaleen dubbifamma irraadeddeb'amee kan argameedha isaanis dh**, B, G, W** SAGALEEN kun ka n irraa deddebbimaniidha.

Jechoonni isaa akkaata itti deddebi'amanii asoosamicha keessatti walfakkuu garuu badasii walii hiiga garagar qabatusii.

### 3.1.2 Fayyadama Firoomii sagalee

AFaan adda adda keessatti sagaleewwansagalee tokkobakka bu'amuu Danda'an waliitti firoomu. sagaleewwan waliitti firoomu sagaleewwan walitti Firooman kun yeroo baay'ee sagaleewwan haala uumamaan bakka uumamaan yookii n immoo amnala tokkon yookiin oliin walfakkaataniidha Firoomii sagalee kun karaa adda addaatiin ta'uu danda'a kunis karaa hanga firoomina kallattii firoomonaa fi karaa fageenyaatiin kan ilaalamudha. Firoominni sagalee karaa hangafiroominaatiin guutuu yookiingamisa ta'uu dandaa kana jechuun sagaleen biraatti firooma jechuudha O 'Grady, (1996).

Firoominni sagalee karaa kallattii immoo firoomina duraa fi duubaa ta'uudanda'a firoommi duraa yoo jennu sagalee isaa duubarra jirutu sagalee isa fuuldura isaa jirutti firooma.Firoominni gosa klanaa yeroo baay'ee Afaan oromoo keessatti hinmuldhatufiroomna sagalee duuba keessattii immoo sagalee isa fuuldura jirutu sagalee ihsaa duuba jirutti firooma firoominni kun kan yeroo baay'ee muldhatuufi isaa baramaadha, Firoominni sagalee karaa fageenyaatiin kan ilaalamu immoo dhiiyoo fi fagoo ta'uu danda'afiroominasagalee dhiyoo yoo jennu sagaleewwan walitti firooman ljaman giddu sagalee biraa hinjiru bfiroomina sagalee isaa fagoo keessatti

garuu, sagaleewwan walitti firooman gidduu sagaleen biraa jiraachuu yookiin seenuu nidanda'u O'Grady,(1996).

Gosa galoommii sagaleewwan qindaaina yookaan hiriira keessatti walitti dhihaachuun yookaan wal fakkaachuun amala ofii kennuun amala ollaa fudhachuudha akka Geetaachoo Rabbira(2005:3o) irraa ibsutti dhaamsagoonni daangaa yookaan jechotarraa walittii aananni yeroo dhufaan dhaamsagni dhuma jechaa isaa duraa irraatti argamu bifa dhaamsaga itti aanee dhufu yookaan kan dursee dhufu fudhachuu danda'a" jedha.

Adeemsaa waliitti qindaainasagaloota keessatti yommuusagaloonni amala waliinkennaniif walirraa fudhatan **firoommii** jedhama haala uumamsa firoommii

> *O'Grady akka kanatti ibsa "Assimilation is resulted from the influence of thes serment on the other Assimilation always resulted from asound becoming more like another near by sound interms or one or more of it phonetics characteristics " (O'Grady,1989:42)*

Asirratti akka hubatamutti firoommii kan uumammuu sagalee hiriraa qindoomina isaanii keessatti walittii aananii dhufan dhiibbaa waliirraa ga'uudhaan ni kanumaa sagaloonni firooma Amala tokko olii wal fakkaatu bifuma wal fakkaatuun asoosama **Arraa Gurbaa** keessatti jechoonnii firoommii sagaleen mulisan ni argamu.

Fakkeenyaaf:jechootavfiroommii agarsiisaniis kanneen armaan gadiitti jechi **fiigdee** (fuula) 257 key 2ffaa keessatti bakka tokko tokkotti **fiddee** jedhameyeroo waamamu jira jechootni kun Lamaa hiika tokko qabu |g| fi |d| jidduu n firoommii nijira jechuudha.

Gabaatee armaan gadii kun firoomina kan bakka bu'uu danda'uu fi waliitti firooman firoomii guutuu fi gamisa argamu

| Lakk | **Firoomii jechoota** | **fuula** | **Kan bakka bu'uu danda'an** | **Walitti firooman** | **Guutuu** | **Gamisa** | **Keeyyata** |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Dhiifnee | 50 | dhiinnee | Fn-nn | ✓ | | 1ffaa |
| 2 | Dugda | 2 | dudda | Gd-dd | ✓ | | 3ffa |
| 3 | Fiignee | 257 | fiinnee | Gn-nn | ✓ | | 2ffaa |
| 4 | Beekne | 89 | beeqne | Kn-qk | | ✓ | 1ffaa |
| 5 | Dhaqnaan | 90 | dhaknaan | Qn-qk | | ✓ | 4ffaa |
| 6 | Kufnee | 92 | kunnee | Fn -nn | ✓ | | 1ffaa |
| 7 | Dhabdee | 95 | dhaddee | Bd-dd | ✓ | | 3ffaa |
| 8 | Beekne | 267 | beeqne | Kn-kq | | ✓ | 3ffaa |
| 9 | Dhiisnee | 50 | dhiinnee | Sn-nn | ✓ | | |
| 10 | Kufnaan | 48 | kunnaan | Fn-nn | ✓ | | 1ffaa |
| 11 | Tufnee | 43 | tunnee | Fn-nn | ✓ | | 1ffaa |
| 12 | Raafna | 2 | raanna | Fn-nn | ✓ | | 2ffaa |
| 13 | Beekna | 89 | beeqna | Kn-kq | | ✓ | 1ffaa |
| 14 | Dhufne | 92 | dhunnee | Fn-nn | ✓ | | 4ffaa |
| 15 | Fiigdee | 115 | fiiddee | Fn-dd | ✓ | | 2ffaa |

Akkuma armaan oliitti gabaaateen ibsame haala fayyadama gamaa firoommii sagalee irraa walii hiriran gabatee kana oliitti eeramaniiru.

### 3.2 Fayyadama DHamjechoota .

Dhamjechoonni haala tajaajila isaanii irratti hundaa'anii iddoo gurgudda lamatti qoodamu isaanis dhamjecha hortee fi uumamteedha kunis seera afaan tokko keessatti bu'aa guddaa qaba innis bifa arman gadittin ibsameera.

A, DHamjecha **Hortee**

Dhamjechi hortee garee dhamjecha hirkaata ta’ee tajaajila caaslugaa kan of keessa qabu isaanis koorniyaa rammaddii tokkoffa ,lammaffa, sadaffaa, lakkoofsa ,kan xiyyeeffannoofik.k,f ta.uu danda’a

**B. DHamjecha Hortee lakkoofsaa**

Dhamjechi hortee lakkoofsadhamjechoota heeddummina agarsiisaniidha isaanis irraa caala garee jechoota keessa maqaa irratti kan xiyyeeffatanidha dha mjechoota hortee lakkoofsa kan agarsiisan –oota –ota –lee –een –yyii-wwaan –

Fkn **–oota**

**...**Hiriy**oota**waliin awwaara daakanii ...(60).....keyy 2ffaa

**...**Harr**oota**lamatti midhan.............(52)....keeyy 2ffaa

**.....**Abb**oota** ittii baroodee................(44)... key 2ffaa

.....Obbol**oota** isaa karaa haadha .......(142)....keyy3ffaa

.....Namoota naaf gurmeessus isinuma warra ..(16).....keyy2ffaa

.......Sang**oot**a galchinee gara manaatii............ .......(34)..... key 3ffaa

...... Hooggant**oota** isaaniitifdhugaan..................(172).......keyy2ffaa

......Leenjifamtoota keessa nama ........................(1590-.Keyy 4ffaa

**-lee**

-Abaabilee-(44)

- iLmoolee-(44)

-ijoollee-(45)

-gaafilee-(219)

**-ot**

-bineensota

-

**-an**

-laman(193)

-Deeman (44)

-Shakkamaan(112)

Barreessaan dhamjecha hortee lakkoofsatti dhimma ba'uun jechoota hedduu horsiisuu danda'eera kun immoo barreessan asoosama kana caalaatti dubbistootaati mul'isuuf ykn hubachisuuf dhaamjecha hortee fayyadamee ibseera .kanaafuu cimni isaa gamaa fayyadama dhaamjechahortee lakkoofsa mul'atan lakkoofsa danoomsuuf kan dhimma itti ba.'ameedha

**C ,DHamjechaa maayii (matimaa)**

Dhamjechoonni maayii matihaa asoosama Arraa Gurbaa keessatti ni argamu isaanis kannee armaan gadiitti

| **-ni-** | **-n-** |
|---|---|
| -Mukkeenni.... (88) | -Abbaan.(148) |
| -Hiriyoonni.. ..(98) | -Dhibbiseen...(148) |
| -Sangoonni...78) | Laliseen.........(152) |
| -Dargaggoonni...(128) | Qaruuraan(143) |
| -Hidhamtoonni ...(112) | Ijoolleen......(70) |
| -Nammoonni(48) | Dhooqqeen... (6) |
| -laaqanni(144) | Meeshaleen (163) |
| -Qanani(88) | |

Dhamjechi hortee lakkoofi maayii matimaa agarsiisan kun iddoo itti barreeffame osoo hin taane iddoo baay'etti yookiin asoosama kana keessatti bal'inaan irraa deddeebi'anii ibsamaniiru kun immoo barreessan je choota qabutti haala fayyadamuun je chootatti dhimma kana irraatti cimina barreessa jiraachuu isaa kan agarsiisudha .

**D, DHamjechi hortee murteessituu**

Dhamjechi hortee murteessituun dhimma tokko irratti kan murtaa'u yoo ta'u asoosama kana keessatti dhamjechi murteessituu ta'een dhimma itti ba'a meera isaan keessa muraasni fkn

**Ichi/icha ................................. Fuula ichi/icha fuulaa**

**….**Gurbichi garuu maaloo.. (230) ... waldicha....................................(127)

..... Bineensichi.......................................(23) ..Tabbicha walakka........(52)

...Dukkanichi keessa.......(40) .........sagalicha.......................................(7)

...Namtichi....................(22) .. walfana mukicha........(66)

**E ,DHamjecha hortee xiyyeeffannoo**

Dhamjechonni xiyyeeffannoo karaa adda addaa agarsiifamuu danda'uinnis karaa dhamjechaafi caasatin dhamjechonni afaan oromoo xiyyeeffannoo agarsiisan keessa kan asoosama " Arraa Gurbaa " keessatti argamu bifa armaan gadiin ibsamaniiru .

**-tu- uma**

-Abbaan iyyatu ollaan ... (67**)**.. lakki lakkiisinuma....(52)

**.**Namumatu keenyaafi jecha abbaa ..(118) .... wanuma har'i nurra..(62)

Sanyii kootu beekaree.......(1oo) ........ Dhundhuma lama...(154)

Obbo bulaan waldhaga'uutu..... (37) ..... Baluuxa isaanuma.. (16)

Hatu saamtu..........(203) ... Baddiluuma waan fala ta'u.. (166)

Barbareetu ...........(100) ... nana boriis hinture wagguma ..(62)

**F. DHamjecha hortee koorniyaa**

Dhamjechi horte koorniyaa gosa dhamjecha hortee saalaa irratti kan xiyyeeffatu ta'ee saalaa dhiiraa dhalaa kan adda baasuudha Asoosama "**Arraa Gurbaa"** keessatti dhamjechoonni bal'inaan ibsamanii jiru .isaan keessaas muraasa fudhannee yoo ilaalle **:**

**Fkn DHiira - 1, ..** rifeensi mataa **isaa** dheeradha..(91) 2.. walii gallan **isaa** barbaacha dhufne (92).. 3 ,… qabxiin **isaa** olaanaa waan ta'eef …. (94) 4 … qoranno isaa Abdiirraa..(156)

**DHalaa 1**, durbummaa **ishii** irraa fudhatamee…(157) 2 maqaan **ishii** Giraaree jedhamtu..(158) **3 ishii** walii kutaa sagal baratutu…(164) 4 konkolaataa gesse i**shi**i dha… (245)

Dhamjechonni armaan olii kun iddoo asoosamicha keessatti akka baay'eetti mul'atu kun immoo irraa deddeebii bakka heddutti waan taa'eef barreessan haala jiruu ol dhamjecha kanatti dhimma ba'eera kun immoo dubbisaa qalbiisaa booji'uu dhiisee nuffisisuu danda'a.

Walumaagalati barreessan gama dhamjecha horteetti haalan fayyadameera kun immoo dhamjechoota danoomsee , xiyyeeffannotti dhimma ba'eera. Gama qooddattoota asoosamichaan isaanin hojiirra oolchee asoosamichaan saala isaanii dham jecha horteetti fayyadamuun dhimma ba'eera kun immoo keessumattuu heeddumeessun namoonni fakkaattota asoosamichaa akka adda baafatuufi ergaa isaan dabarsan xiinxaaluf bu'aa buuseera.

G, DHamjecha uumamtee

Dhamjechi uumamteen gosa dhamjecha garee jechoota tokko irraa garee jechoota biraa uumuti kanaafuu warra jechoota haaraa uumuudhaaf tajaajilaniidha isaaniis nmaxxanfachuun garee isaanii jijjiru.

**G, Maqaa qabatamaa irraa maqaa dkokkataa uumuu**

-Orma=Ormummaa(19)

-Daa'ima = Daa'imummaa(44)

-Nama= Namummaa(450

-Tokko =Tokkummaa(59)

-IJoollee=Ijoollummaa(209)

-Durba= Durbummaa(78)

-Jaarsa =jaarsummaa(154)

-Dhiira =dhiirummaa(136)

Barreessan dhamjecha uumamtee fayyadame jechoota garaa garaa galmee adda adda uumeera walii walii isaa irraa uumee ASOOSAMAA ARRAA keesatti dhimma itti ba'eera jechoonni uumamaa immoo jechoota ifaadha kana malees bifa kanaan jechootasii uumeera jeechoota baay'.ee afaani biraa ergifachuun immoo danda'eera

### 3.2.1 Fayyadama jechoota loogaa

Barreessan asoosamicha keessatti jechoota loogaa kan jennuun akkuma boqonnaa lama keessatti ka'e jiru ta'ee jechoonnii loogaa naannoolee adda addaatti kan dubbatamaniidha . kunis kan uumamuu danda'u bal'ina irraan kan ka'e addaan fagaachuundhaani Barreessitoonnis looga kan akka tooftaatti fayyadamu barreessaan kunis jechoota looga Fayyadamuudhan ergaa isaa dbarfatee jira . jechoonni loogaa kunneenis gabatee itti aanu keessatti dhihaatanii jiru.

..... Baluuxaa tullucharrattii **ugguuman(23)**

..... Jiruun akkuma ameeyyii **moonaad**ha baasee(10)

..... Baluuxaa leellisuun warraa **Adiyoo** gurra namoota (23)

....... Abdiin jhidhamtooota waliin mooraa keessa taa'ee caamaa **karkarfata(182)**

....... of fakkeessitee harkaa isaarraatti **lawwaasoofte(136)**

... Ilmii jiruu kaanaaf **hin sarmu** akkaa ishiin garaa kutattu(155)

....Galaanni har'a daaknus ta'ee **conceen** har'aaf qicaacha jirru(115)

..... **waawuu** isa atii jettu miti (31)

....boora'uurra taree **raaree(40)**

**. ..** haala sareettii itti agarsiisu **qaaqsa(55)**

.. Afuura raafuu hin baafanne. anatu **wawwanna(40)**

**..Toobbatte** hawaasa ammo qofaa isaa biyyaa keessa naanna'ee(19)

**... roora'aa** jiru harcaatu ormaa funnaachaa qodaa ormii(31)

**... Galtaa'ani** bakka awwalaa buufatanii jinniitti michoomuun(48)

**.....xuruure** haxooftee deebiftee qadaadde dhibbiseen(50)

... Abdinis **qorsoo** harkee guutuu namootatti qabe(28)

... **Araddaa** burqaa isaanii gogsanii **araddaa o**rmaa akka jisan gootee(19

**... kalaa'aa** deemeen kan duraan kormaa indaaqoo(54)

Akkuma beekamu barreessichi jechoota loogaa naannoo adda addatti dubbataman Fayyadamee jira kinis dubbistoota hawwatuu bu'aa guddaa qaba.

**Jechoota loogaa naannoo itti dubbatamu jechootaa beekamoo fuula keyyat**

1, Arraddaa......................Tuulama..............................qe'ee.............................(**19)......(.2**

2. Adiyoo......................... macca .............................. lafaa maasii kan hin qotamne (23)...2

3,conceen.........................macca......................................burqaa bishaan xiqqoo(115)...4

4, Hinsarmu..................... macca ..................................... tole hin jedhu.....................((155)..4

5, Laawwaasofte.................... macca ......................................humna dhabdee.............(136).2

6,moonaa.............................. Arsii....................................... Dallaa loon......................(13)..3

7,karkarfata .......................... macca......................................... qaammata................(182).1

8, kalaa,úu..........................macca..........................................dhiyaachuu...............(54)..

9,Galtaa'anii....................... joonja'anii.................(48)..2

10,Ugguman................................ macca .....................................sagadan .................(22)..2

11Raaree....................................macca........................................ dhoqqee............(40)..2

12,wawuu ................................. macca......................................sirri wanta dhugaa taé(31).2

13, wawanna.............................. macca.........................................booícha..................(40)..1

14 Qorsoo.................................... Arsii........................................... akaayii ykn qorii......(2

Barreessan asoosamicha gama loogaa fayyadamee haala naanooo gargarraa irraa haala looga sadarkaa jechaatti fayyadameera .

### 3.2.2. Fayyadama jechoota Ergisaa

Ergifannaan amala afaanii keessa isa tokko afaan biroorraa ergifachuun danda'a afaan addunyaarraa haa xiqqaatu malee afaan osoo hin ergifatin jecha afaanichaa qofatti fayydamu hinjiru garuu hangi ergifannaaisaa wal caaluu danda'a ergifannaan kunis sagaleeti hanga hima ga'utti ta'uu danda'a waa'ee jechoota ergisaa 'O 'Grady akka jedhetti " many linguistic change canbe attributed to borrowing . the acquisition of wpords soundsor rule strom another language(Ibidi,p,196) akka waraabbii kanarraa hubannutti ergifannan afaan tokko yeroo afaan biroorraa sagalee , jechoota seera fudhachuun itti fayyamudha . ergifannaan kun sadarkaa sagalee , jechaa fi hanga himatti ta'u Ergifannaan kanaaf wantoonni sababa ta'an saayinsiifi Teekinoolojii , karaa olaantummaa siyaasa walqabatee afgaan tokko afaan tokkorraa calchisani ilaalu n jechoota afaan ofii dhiisanii kan afaan biro sanatti fayyadamuun jechoonni sun afaan sana keessatti makaman deemu Afaan oromoo ilaalchisuun yaadii ergifanna jedhu wiirtuu jildii 5ffaa akka ibsameetti

*Haala liiqa ergifanna kanan afaan oromoo yoo ilaallu sirnoota darban keessatti olaant*

*Ummaa afaan amaara biyyaatti kana keessatti*

Jechoota ergisaa jechuun afaan biroorraa galagaffamannidha isaanis afaan biraa keessatti Tajaajila oolu kana jechuun hawaasa afaan sana dubbattuun gama amanti, siyaasaa , dinagdeefi Hawaasummaa wal jijjirrachuuf ni tajaajila kun immoo kan taú afaan sana keessa jecha Afaanichaa jedhamu yoo dhibedha kana irraa kan hafe garuu afaan jechaa sana osoo qabuu kan biraatti fayyadamuun guddina afaan keessatti ergifame sanaa irratti dhiibaa guddaa qaba kun immoo jechoonni sunirranfatamuun afaan sana keessa baduu dandaúu . kanaafuu Barreessaan jechoota afaan oromoo keessatti argaman afaan biraarraa ergifachuun hin Barbaachisu kana keessatti jechoota ergisaa barreessan afaan ergifatetu mulata kanaaf Barreessan asoosama kana keessatti jechoota ergisa inni fudhate kan itti xinxallamudha.

**A,jechoota afaan oromoo  afaan Amaaraa irraa ergifate**

1. **Nugusaa**..=mootii.................. fuula.......47................... Keyyata...........2ffaa
2. Gaashee...=..Abbaa..................FUUla ....157.........
3. XIqur Anbassa.=leenca Guraacha...............fuula.........158)
4. chaappaa......=mallattoo.................fuula ....164
5. kashalabee    .=jooraa............. fuula       182

**B, Jechoota afaan oromoo afaan Ingiliffaa irraa Ergifate**

1. Hospital............................fuula 104...........keyy...3ffaa
2. Foolisii............................fuula       112............1ffaa
3. Kompiter                                    168............3ffaa
4. Simisteera,..............................106............1ffaa
5. Televiijinii............                       197..........3ffaa
6. Enjensii......................              121......3ffaa
7. Inispekteera..............              172......3ffaa
8. Tiraanfoormeeshiinii..........211.......3ffaa

C ,  jechoota  afaan oromoo  afaan  biraa irraa ergiffate

1. shamizii........................108.............3ffaa
2. Taabota.........................148...........
3. Faakaalltii.........................164..........................2ffaa
4. Peresedantii................50.............1ffaa
5. Paantii..........................157..........3ffaa

**3.2.3Fayyadama Jechoota Faallaa**

Jechoonni faallaa ergaa fi kaayyoo  isaanii in  ibsan  irraatti  hundaa'uun  fuula **isaanii  irraatti** argamuun   keessatti adeemsa  bituu gurguruu qofa osoo  hin taane  kan  bituufi  kan gurguruu jiraachuu agarsiisa

1. manni  isaa  cufamee argan **olii  gadii..........** (18)
2. Asii.. achii  kaatanilee.... (18).
3. ...   Fagoo fi isaa   dhiyoo(47)

4. Gaarii ***isaa*** yaraa wal harkaa butaanii(47)
5. Dagachiistee firummaa fi ormummaa(19 )
6. Boruufi kaleessa qooddiin jedhu hin jiru(62)
7. sooreessa harkaa shittoo hiyyeessa udduu cittoo(102)
8. Ollaa bitaa fi mirgaatu………………….(1)
9. **Ganna** hongeessu kan **Bona** dhoqqeessu(12)
10. Ammmuma jaallatte ammo jibbite………….(99
11. walilaalan gadda gammachuu.............(268)
12. Booyichaa kolfa walmakaa simatan ....(268)

Jechoonni faallaa jechoota hiikaa fuggisoo qabanii yookin waliif hiikaa kan hintaanedha sababni Isaas dubbisaan asoosama sanaa yeroo waan tokko irraa hubatu walbira qabeetti .kun immoo Faallaa wanta sanaas hubachuun ergaa obarruu sanaa xinxaluu , waan ibsuu barbaades haala sana keesatti hubachuu ndanda'a keessumattu ergaa dabarsuu barbaade barreessan dubbistoonni Hiikaa isaa yoo walaalan faallaa beekuu danda'u nwaanta'eef haala waliin deemanii barreessan , kanaafuu . qalbii dubbisaa hawwatee ergaa isaa haala kaayyoo isaa galmaan ga'uufi Dubbistoonni isaa gadi fageenya yookiin ergaa yaadan seenicha hubachisuufi akka hin Dagatamnee suura sammuu namaatti kaasuun danda'a

### 3.2.4 Fayyadama jechoota Hirkatoo

AFaan oromoo keessatti jechoonni hirkaatoo **(clitics) j**edhaman , walqabsiistuu (**conjunction)** bamaqaa( **pronoun) h**aala dubbii agarsiistuu durduubee ta'uu danda'uu jechoonni hirkaatoo kun **duree f**i **duubee** qaba. Akkuma isaanii boqonnaa lama keessatti ibsame asoosama Arraa Gurbaa keessattii s jechooni kun ni argamu haata'u malee akkaataa fayyama isaanii eeganii kan hojiirraa oolan haala asoosamicha keessatti itti fayyadamee jechoota hirkaatoo duree fi hirkaatoo duubee fayyadameera.

A, **Jechoota hirkaatoo duree (proclitics)**

1. hin argine(107)
2. hindkoksiin(1)
3. Hindinnee(1)
4. hinbiqile

5. hinbeeku(3
6. hingorree(32)
7. hindeemne(32)
8. hingodhannee(32)
9. nimaraatu(2)
10. nimaraati(2)

Jechoonnii hirkaatoo duree kun akka armaan oliitti sirreeffaman kanatti jechaa duuba isaanittii Akka jecha of danda'eetti barreeffamu hinqabu sabababnisaa jechoonni kun jechaatti hirkaatan malee isaanitti hiikaa godhachuun waan hin dandeenyedha.

Jechoonni hirkaatan qofaa isaanii of dandaa'uu himaa keessatti dhaabbachuun hin dandeenyeedha isaan kun himaa ijaaruu keessatti murteessadha jechootni kun jechoota irraatti maxxanannii dhufuun caasaa himaa ijaaruu keessatti qoodaa fudhatu akka rakkootti kan ilaalu garuu barreessitoonni hedduu , yeroo isaan akkuma jecha tokko of danda'aatti qofaatti baasanii barreessantu argamu ,. Jech tkko of danda'ee himaa keessatti dhaabbachuuf hiikaa mataasa barreessantu argamau, jechi tokko of danda'ee himaa keessatti n dhabbachuuf hiikaa mataasaa qabachuu dhamjechoota biro maxxanfachuuf danda'uuf hima keessatti dhaabbachuuf bakka baklkatti socho'uu danda'uu. Jechootni hirkaatoo garuu amala kan hin qaban , barruu filanne kana keessatti

B**. Jechoota hirkaatoo duubee**

Jechoonni hirkaatoo duubee kunis akkuma jechoota hirklaatoo duree qofaa isaanitti hiikaa waan hin godhanneef je chaaduraa isaaniitti jirutti maxananii barraa'uu qabu kan danda'aniidha

jechootni hirkaatoobarruu barreessa kana keessaajiru . fkn kana keessatti. –dha –ti –fi –irraa-ttii-irratti kana fakkatan asoosamicha keessatti barreeffame jiru off dandanirru dhaabbachuuf garuu ulaagaa jechi of danda'anii tokko guutun qaba karaaf jechootni akkasii jechoorrattii hirkaachuun maxxaanin barraa'anii jiru.

Fkn 1-dha- maaloo naaf birmaa<u>**dha**</u>**(40)**

**2**, lafaa baay'ee Guddaa<u>**dha**</u>**(40)**

- rawwatamu duraa cimaa dhabba**dha956)**

4,heeraa fi seeraa fi ofitti falmaachuu**dha(58)**

**Fkn 2ffaa**

**-rratti-**

samm**irratti** xiqqoo fakkaattu (39)

Abdiin gamoo tokko**rratti**

**–rraa** - harkaanamarraaabiraa**rraa(49)**

**–rraa-** akka bu'aa bu'aa**rraa** **((74)**

**-rraa**- garuu du'a**rraa**bararu(61)

**-irratti-** jireenya nama**rratti**(24)

**-Irratti-** akka taasisan irra walii galan . dhuma-**rratti (238)**

**-ttii-**ofiis bakka isaanii**ttii** **(108)**

**-tti**- waan garaa keenyaamara wali**tti** (60)

**-Fi**-Lataa **fi** Abdiin walii ilaalanii(124)

**Fi-** bitaafi mirgaa karicha (108)

Haftee **FI** bakka deegartoonni(243)

Abdiin kaballaa **fi**dhitichoo ( 114)

ti- ammuma jaallatte ammoo jibbitee sinsinnoof**ti (9**

**3.2.5 Fayyadama Filannoo jechoota**

Filannoo jechoota haala inni itti fayyadamee gamaa barreessan tokko itti je choota muraasan ergaa bal'aa dabarfatuudha filannoon jechootatti baayinaan barressichi fayyadanmeera ragaaleen waan kana ibsanis kitaabicha keessa fudhatamanii .

1. ….. warri sobaan walii galaniis gubatanii daaraa ta’u….(178)
2. …..Tooftaan Baaluuxaafaa qulqulloota hedduu yakkee mana hidhaatti tortorse(194)
3. ……Namoonni kaan immoo cidi baatani ibbida dhaamsuuf birmatan (218)
4. ……galateeffanaa isaas qileensarra darbatee gurra chuungiitti dhoobe(213)
5. .. kan ati amma dubbattu kun icciti gabaa keessaati(239)
6. …. Akkuma Abdiif dabalaa kaballaa itti xaaxeessuun hidhantoota gidduutti lafaan dhahan(254)
7. ….. akkadhibbiseen galtu bilbilaan dhitee bariitee gurra irraa ciru (264)
8. … uummata keessatti garuu muka udaan tuqa taé(2650
9. …… Jiruun lubbuun areeda geessee karaa qaawwa gurra bahuuf wixxifatte(267)

Barreessa kun haala itti fayyadama fillannoo jechoota kanaan ergaa isaa dabarseera jechoonni barreessa kanas tokko tokko isaanii human yaada bal’aa dabarsuu dandaú waan qabaniif yaadasaa dubbiisaan haala salphaa fi balínaa qabuun akka hubatuuf haala mijeessa kanaafuu filannoo jechootatti dhimma ba’eera.

### 3.2.6 Fayyadama irraa deddeebii Jechoota

Hima keessatti jechootni lama yookiin sadii ta’anii yaaduma tokko ibsaniif himaa sanaaf Faayidaa adda hinqabaanne akka irraa deddeebii jechaatti fudhatamu jechi hima keessatti hirmaatu ergaa himaa sanaaf gabbisuufi cimsu qaba. Jechootni irraa deddeebiáman garuu uman yeroo fi kan kana fakkatu fixumalee faayidaa hinqaban dabalees, dheerachuu sdubbisaaf nuffisiisaa fi ergaa himaa dhoksuu danda’a lachuu yaaduma tokko waan ibsaniif akka irra deddeebbitti fudhatamu kanaaf isaa keessa tokko qofa fudhaachuun ergaa keenyaa galmaan ga’uu dandeenyaa.

1. .. DHibbisee **maalo! Maaloo!** Maaf callistanii na ilaaltu jechuun Iyyite(35)
2. .. obbo Bulaanis dhuguma du’ee **wayyoo wayyoo wayyoo”**jechuun iyye ammas(88)
3. ..namoonni buna dhuguu dhufanis **dhugaattuudhugaattuu** jechaa lafa tata’anii olkakaa’an (37)
4. …. Qileensii gogee **cabuu cabuu** jedhus jidhee maramuuf kennataa ta’e (88)
5. ..Jiruun **gordommookoo gordommookoo** gubanii jechaa gara mana isaatti arrede (145)

6. …Abdiinis **Abbaakoo! Abbaakoo**! Maal ta'ee **Abbaankoo** jechuun lafarraa gangalate( fuula:147)
7. , Qu'aa, Qos, Qos ,Qos Qu'aa, Qu,aa …….. fuula:36
8. Karaa , karaa, ta'ii, ta'ii,…………… fuula :240)

Barreessaaan kun akkuma ragaalee armaan oliirraa hubatamu jechoota irraa deddeebisee fayyadamuudhaan hojii kalaqaa kana miidhagsee dhiheessera.

### 3.2.7 Fayyadama himaa

**A. Himaa dheeraa**

Akkuma boqonna lama jalatti ibsamuf yaalametti dheerinnif gabaabni himaa mala barreessa tokkon yaada isaa ibsaachuuf itti fayyadamaa keessatti isaa tokko barreessitonni tokko tokko immoo himoota gaggabaaboo yaada isaanii ibsachuuf baay'inaan hojiirraa oolchu kan biro immoo laman isaaniyyuu wal keessaa makuun haalii isaani itti fayyadaman ni jira . himoonni dhedheerooni ta'ee gaggababoon seeraan hojiirraa ollaan gama yaada bali'suufi salphisuttin Faayidaa mataa isaanii qabu. Himni himoota dheedheeroo lakkoofsaan jechoota hangana jedhame wanti beekame jiraachuun baatus haala wal madaaleen himoota barreeffama tokko keessa jiran fuudhachuudhaan baay'ina lama keessattii kaafnee jirra. Haalumaa , ka naan asoosamni kunis himoota wal madaleen hedduu fayyadameera kanneen ijaarsa himoota dheera asoosama Arraa gurbaa keessattii himooni dhedheroo tokko tokko darbanii darbanii mul'atu himoota kanairratti fayyadama himoota dhedheeroo irraattin mul'ate fkn haa ilaaluu fkn kitaabicha keessatti barreeffame himaa dheera

**Garaatu dukkaana limxii itti ta'ee moora ijarra maruun agartuu isaanii jaamse malee inni Jiruuf ife ijoollee obbo Boodanaatti hin dukkanoofne (**fuula:1) himoonii kun wantoota lama walibiraa qabee akkata jirufii rakkinaa irraa ga'eefi kan ijjoollee obboBoodanaa dhibbaa jiru ga'aanii dhumarratti furmaata argachuu jiru waliin qabsiisee kan ibseedha kanaafuu himoota lama sana oliirraa kan ijaarameedha

**2ffaa. Ijoollee obbo Boodanaa beeka wallaalan , wallaluma isaanis beekumsa se'an wallalaa doofa, doofa , wallaalaas wallaalaas taa'a fuula :1)** asii keessatti himoota

Filannoo jechoota haala dubbiin namaa hawwattuu keessatti haala ijjoollee obbo boodanaa fi Jiruu waliin qabsiisee kan ibseedha

**3ffaa Ayyanni abba ofii kaleefi egeree namaa jalaa hindhoksin malee , ijoollettiin har'uumeedha( fuula :1)** as keessattis barreessichi Jiruun yaada gaarii qabachuusafi ijoollee obbo Boodanaa yaada hammaa jiruu jibbanni irraatti humnaa ka'uu isaayaada fi himoota lamaa olii kan qabuudha.

**4ffaa Har'umee ta'uun har'a furdisee kaleefi egeree waan huqqisuuf , bor hinbeeknee hinta'inaa kalees hedaa ' jettee yoo itti himte fuiulii isaanii gurraacha'ee abbaa kaleefi egeree qaama isaaniitti yoo hodhiteyyuu achittis tortorsu malee hin biqilchaan (fuula:1)** asii keessattis barrassa kun jirun yoomuu yaada obbo Boodannaa warrii isarrattii iinnafanii ykn yaada jalinaa irraatti marii'atan fi jirun yaanii ganamaa gaarii jedhu yommu ibsu barreessichi yaadafi himoota lama fi sana olii kan qabaniidha.

**5ffaa Duulaafi inispeekter Giddaaluun balbala biiroo inispeekter roobaa rurrukutani seenan(fuula:183)** yaanni kun himoota lama fi sana olii of keessa qaba innis yaada abdii maalamaltumaa irraatti yaadufi iisaanii Duula fi Giddaaluun shiraa Abdirratti godhanidha kanaafuu hima dheeran kan barreeffameedha.

**6ffaa Abdiin yeroo jara argu dubbicha natti cimsuu dhufan ta'a jedhe garuu dubbiin faallaa ta'e(fuula :183)** asii keessatti yaanni Abdiin ilmaa jiru akkuma abbasa irraattishirraa hojjetanii hirriyya abdittuu bifa na gudeedee jetti gara mana yaalatti geessu shirraa irratti xaxuun ka n dhiheessiteedha kunis galmaan hingeenye kanaafuu yaadoonni kun yaada shiira irraatti yaadanif Abdiin shiiraa jala dhabamuu isaa agarsiisa kanaafuu himni dheera yaada lama ol kan qabuudha barreessan kun himaa dheera asoosama kana keessatti fayyadameera .

## B. Himaa gabaabaa

Himii gabaabaa jechuun xiyyeeffannoo isaanii dhimmoota tokko kan qabanifi ergaa guutuu kan dabarsaniidha barreessan kunis jechoota akanaatti kan inni fayyadames yaadicha barbaade sana salphaatti ibsuufi dubbistooni isaa akka dafanii hubataniif himootni kunis gababoo ta'uun isaanis ergaa barreeffaichaa darbu ifa gochuu isaaniitiin alatti akkataa ibsuu isaa dubbistoota kan kakaasuudha.

**1ffaa kitaabicha keessatti Addunyaan buburreedha (fuula :1)** yaani himaa salphaa yaada tokko kan qabudha ergaa guutuu kan dabarsuudha.

**2ffaa Guyyaan isaa kibxata ( fuula:1)** kunis yaada himaa salphaa tokko of keessa kan qabudha ergaa guutuu kan dabarsuudha.

**3ffaa Foolisoonnii yeroo yerootti Abdi qorattu(fuula :183)** asii himichi baayyeegababaadha ergaa guddaa dabarsaa kanaafuu yaadichi hima salpharraa ijaarameedha.

**3.2.8 Fayyama malleen dubbii**

Malleen dubbii fayyadama afaanii keessa tokko ta'e akkaataa barreessa malleen dubbii Fayyadamee ergaa ittin dabarsudha. kun immoo mala maalin walbsiisee yookiin waan tokko tokko wal dorgomsiisee kan ibsudha. Keessumattuu haala sana keessatti maaltu waan biraa jala akka dhoksame hawaasaaf dhimma tokko ibsuu bakka itti ilaalamudha. Kanaafuu mata duree kana jalatti gosoota malleen dubbii asoosama "Arraa Gurbaa" keessatti ka'an

**A. Fayyadama AKKasaa**

Akkasaa gosoota mallee dubbii tokko ta'ee fayyadama afaanii keessattii wantoota adda addaa waldorgomsiisuudhaan kan ibsuudha karaa biraatiin immoo dubbii qolaa akkasaa kana Fayyadama afaanii keessattii yemmuu dorgomsiisnu walitti siqeenya, wantoota walibira qabuun kan ta'uu baannan, dubbistoonni yaada burjaaja'e horachuu danda'u

FKn )1**)…"** keenya **akka** udaan mulluu walqabachuu dhabuusa".. fuula :5)

Asiirrattii yaadni akka udaan mulluu walqabachuudhabuusaa hintaane ergaa yaaniisa wanti keenya dhimmi keenya walqabaatee fixan hin ba'uu jechuudha yaanni kun daa'imman akkumaa mulluu nyaatan yeroo udaan hagannii **akka f**affaca'uu ta'uu isaa agarsiisa barreessichi haala hawwatanii uumuu danda'uun ergaasaa dabarseera.

2. ….."qubni harka ishee fii milla ishee alangaa roobii isa warrii waataa tolchan

**fakkata(!85)** kun immoo miidhagina qaama namaa ibsuuf jecha alangaa roobittii fakkeessee haala sammuu namaa keesatti suura uumuu danda'uudha

3**…”** yaanni inispeekter Roobaa **akka** aannanii garaa inispeekter giddaaluu qabbaneesse(fuula:185**)** barreessan kun dubbiin inispeekter Roobaa **akka**baayyee namatti tolu ibsuuf aannanitti fakkeessee ibseera kunis yaadasa dubbistoonni salphaatti akka hubatan gargaara.

4…” Baluuxaan karaa **akka** limmoo fi boffee wal keessa lo'e buufataalee fayyaa fihuman ibsaa hanga gandatti diriiran hojjechisee (fuula:206)

ASirrattii Baluuxaan wantoota isa mudatan keessa hulluqee hojii hojjechuusaa boffee fi qallatti fakkeesse ibsee jira**5..”**Toobbataan yeroo deemu **akka** dubartii har'a dhaqna **qabatteettii bakkaafaa deema(fuula:230**) akka fakkii kaasuun danda'utti deemsa Toobbataa ibsuuf dubartii har'a dhaqna qabattetti fakkeessuun kaa'era.

**6 …”** Qaamnisaa gurraachina keessa darbee cilaatti eelee **fakkaata? ( Fuula:257**)

Cilaatti eelee fi gurraachina qaama namaa walbira qabee ibseera kana yoo jedhu namichi sun baayee gurraacha jedhee namaa sammuu dubbisaa keessatti kaasuuf human guddaa qaba.

7. …” Caatiin afaan isaa muddee **Akka** dhiitoo alaalatti mul'ata(fuula:257)

Namicha caatii akka malee qama'aa jiru ibsuu dhitoo wajjiin wal madaalchisee jira waluma galatti gosa dubbii keessa Akkasaa fayyadamee barreessichi dhimma itti ba'eera.

**B. Fayyadamaa Bakkasaa**

Bakka buusanni akaakuu mallee dubbii keessa tokko yoo ta'u wantoota garaagara lama walitti fidee akkuma jiruun bakka wal buusuudhaan kan ibsuudha kunis ragaawwan kitaabicha keessa fudhatameen yoo ilaalu

1)….Dhibbiseen kan dur yeroo deemtu lafa sochooftu lafa sochooftu amma qalattee l**ilmoo** taate(fuula:16)

Qalina Dhibbisee Lilmoodhaan **bakka buusee** ibseera .

2)…Abdiin haadhasaa ilaalee fuulii isaa gurraacha ta'e(fuula:116)

FuulaAbdii dallaanee fi waan halluu gurraacha qabu bakka wal buusuudhaan aarii Abdii sammuu namaa keessatti kaasee jira kan jedhuudha

**C.Fayyadamaa Arbeessa**

Arbeessis akkuma warren gosoota mallee dubbii keessa tokko ta'ee waan tokko baayee ol kaasuu yookiin gadibuusuun kan ibsuudha .

1… waanti xiqqoo hanga injijjii guddaa hanga arba liqimsuu barbaade ofuma dhoti malee gadi hin lixuu(fuula:72)

Kun waan ibsuu barbaade injijjii gadi buuse baayye gadi xiqqeessuudhan ibee jira.

2 )…..Araddaa bal'oo Farda gulufsiisu keessa baatee mana dhundhuma lamatti galte"(fuula:154)

Barreessichi araddaa sana ol guddisuudhaan ibsee dhundhuma lama fi akkamii xiqqoo akka ta'ee beekamadha kanaafuu sana olittii olii ilaaluudha .

3)……. Ullee farsoo sana hiyyeessi agabuu bule ol hin fuudhu"( fuula :67)

Asii keessattii cimina yookiin ulfaatina ullee sanaa humnaa ol guddisee ibsuuf haala kanaan ta'uu isaa mullisaa

**D. Fayyadama Nameessuu**

Nameessuu waan amala nama hinqabne tokko :akka amala nama qabu godhanii itti fayyadamu ykn amala namaa gonfachiisuun kan dhiyeessuudha kana jechuun wantopota dhalli namaa dalagan hundaa aka dalagu taasisa jechuudha kunis kana

argaarameera kanaafi ragaleen kitaabicha keessa fudhataman kan qaacceffamaniiru.

1 …. Abjuu gurra isaanii irraa bilbila kiliili gochaa bula"fuula :63)

Asii keessatti kun waanta qabatamaa hintaane abjuu fuudhee gocha namaa fakkeesse kan rawwachiseedha yaadicha.

2…..”sobni humna argannaan dhugaa fi abbaa dhugaa fannisa (fuula:63)

Kan armaan olii kunii **soba fuudheeamala namaa** kenneefi akka waan nama fannisuutti dhiyeessee jira

3.. sammuunsaa wal harkaa fuudhanii dhiituu fi kaballaa itti cufuu dr Dabalaatti lubbu mi'eessan " ( fuula: 64)

**Deebii yaadichaaf:** armaan oliitti immoo sammuu namaa fuudhee akka waan inni ofisaattii nama dhiitee nama kabaluutti fakkeesse amala namatti dhiyeesse.

4"… isaan dubbii baqataniillee dubbiin bakka isaan ciisanitti barbaadee isaan argate( (fuula:225)

**deebii yaadichaaf**:akka waan dubbii ofiin deemee nama barbaaduutti amala namaa gonfachiisee kaa'e.

5.,.. Qamaleen yoo kun najalaa doome kanaan hafaf jette"(fuula:238)

**Deebii yaadichaf:** Kan kana armaan olii akka namaatti wamalee dubbachisuudhaan ergaa dabarfatee jira.

6… akkanaan dubbiin gara dooktoor Shiirkaatti garaaltee gorora tufte fuula :240)

**Deebii yaadichaf**: akka waan dubbiin gorora namatti tuftuutti amala kenneefi akka dubbiin yakki dr Dabalaatti cimte ibsee jira.

**7**….Gammachuun Dhiibbisee fe'atee balali'e(( fuula :242)

**Deebii yaadichaf** : akka Dhiibbiseen hedduu gammade ibsuuf dubbii haala kanatti dhimma bahee jira.

**8**…..taa'aa ka'aa jechuun tafkiin warra abbaa dhugaa rakkisaa turan jabina qaamaa hojjechifte( fuula : 246)

**Deebii yaadichaf:** kun tafkii fuudhee nameessudhan ittin warri dhugaa dabsan itti gatiisaanii argatan ibseera.

**E.Fayyadama Soba/Dhugaa**

Dubbii qolaa ta’ee waantii inni ibsu yeroo gubbaa ilaalan soba kan fakkattu yoo itti siqanii ilaalan garuu dhugaa ta’ee kan mullatuudha dubbii qolaa barreessichi fayyadame akka armaan gadittii qaacceeffamanii jiru .

1….. gariin immoo doktoor Dabalaa isa dhugaa Abdiif jedhee dhugaa isaa dhabe kaasanii aaru , gammadu(fuula:224)

**Deebii yaadichaf**: gammachuuf gadda walkeessa galchee haala gadda fakkaatun gammachuu ibse.

2…. Gammadaa gadduun , sirbaa, boo’uun , olla bitaa mirgaa warra Abdiifaa eegaa turan qofa osoo hin taane , warra simaannaaf baa’anis ta’ee warra simatamaniif hin oolle( fuula : 268)

**Deebii yaadichaf:** gammadaa gadduuf sirbaa boo’uu wal keessa make . kunis yeroo gubbaasaa ilaalan gadda fakkaata garuu itti siqanii koo ilaalan gammachuu maatiin jiruuf gammadan kan ibsuudha.

**F. FayyadamaAnyaarsee**

Anyaarsee gosa mallee dubbii keessa tokko yoo ta’u kallattiimaan amalli badaa hawaasaa keessattii akka hin babal’anne dhorkuuf akkasumas amala badaa hawaasaa keessatti mul’atu ceepha’uuf gargaara mee anyaarsee haala itti fayyadamee

1… baddu hin baddi malee saree ija hin dhiqan ( fuula: 54)

**Deebii yaadichaf:** irratti namni hawaasa keessatti amala hin taane qabu yoo bade badee yoo deebi’e ammoo deebi’a malee namni wajjin badu akka hin jiree ibsa .

2.. kan garaakoo jedhu yaa maqaakoo hin jedhu ( fuula:71)

Deebii yaadichaf: irratti nama yeroo mara waa’ee garasaatii malee waa’ee maqaasaatii hin yaanne ceepha’uuf anyaarsee fayyadameera.

### 3.2.9 Fayyadama mammaksaa

Mammaaksi fayyadama afaanii keessa tokko ta’ee dhimma tokko gabaabsanii hubachuuf kan gargaarudha keessumattuu barreeffama ogbarruu tokko keessatti dhimma ka’u mammaaksan yoo walmake dubbisaan salphaatti ergaa asoosama sanaa hubata akkasumas yeroo dheeraf osoo hin dagatiin sammuu dubbisaa keessatti waan fakkii kaasuu turtii umrii dheeraa qaba kanaafuu mammaaksi asoosama Arraa gurbaa keessatti haalan dhimmaa itti bahameera isaanis armaan gadii kanaan ka’a niiru

1. Abba gaafa cabse ormi ijaa jaamsa(54)
2. Badduu ni baddi malee saree ija hindhiqan(54)
3. Abbaa iyyattu ollaan birmata(67)
4. ollaan bultee beeka akka itti bulee abbattu beeka (115)
5. yagarakoo jedhu yamaqaakoo hin jedhu mammaaksa jedhu(71)
6. qamaleen yoo kun najalaa doome kanaan hafaf jedhu mammaksa(238)
7. sooreessa harka shittoo hiyyeessa oduu cittoo(102)
8. waa’ee ofii isaa qauba hinqabu ture gowwaa si duubaan bowwaa mammaaksa jedhu(192)
9. Qamalleen darbannan tuulla boqollorra buutee mammaksaa “ jedhu(110)
10. Barri Barri namaa qabe margaa lafatu namaa qaba(251)
11. Namni akka Sa’aa nyaatu gaafa akka namaa nyaate du’a (219)
12. Himeen jechakoo bookee Arbaa buutee taasistee(16)
13. Yeroo namaaf boolla qottu gadii hin fageessini eenyu akka itti awwalamu hin beekamu(195)

Barreessan asoosama “Arraa Gurbaa “mammaaksatti fayyadamuun haala dubbistoota haammachuu danda’u ergaa cimaa dabarsuu danda’uun fayyadama afaanii keessaa mammaaksatti dhimma ba’eera kun immoo yeroo waa’ee wan tokko barreessu mammaaksa jalatti ibsuun Abdii kutannaa, tufii,abdii horannaa , jajjabina , gowwumma, gadii xiqeessuu .gamnummaa obsa qabaachuu fkkf kan agarsiisun gosa fayyadama afaanii keessa dhimma bahuun ibseera . fkn .Qamalleen yoo kun najalaa doomee kanaan hafaf (238) jette. Kana keessatti qamalleen gamnummaa baayistii kanaafuu haala ishee haxummaa ishee irraatti hundaa’ee kan barreesse fkn himeen jecha koo bookee arba buutee taasistee (16) asii keessattii xufii ykn gadii xiqeesuun kan ilaalamudha mammaaksii kuin yaada abdii of keessa qaba

Asoosama  samna keessatti rakkoo tokkoof furmaaytaf waan kaawwametu jiraata yeroo kana dubbisaanis qalbiin isaa asoosama sana dubbisuu barbaada . kanaafuu. Barreessan iddoo barbaachisutti fayyadamaafaanii mammaaksaattidhimma bahee yaada gabaaban ergaa cimaa dabarseera. Kun immoo akka ciminaatti kan ilaalamudha. Kanaafuu gamaa kanaan hanqina hin qabu.

# BOQONNAA AFUR: GUDUUNFAAFI ARGANNOO/YABOO YAADAA FURMAATA

Boqonnaa kana jalatti akka walii galatti yaadota guduunfamanii bu'aa qoranno sanaa yookiin kaayyoo gooree irratti hundaa'anii qabxii kan ibsamanidha.

**4. Guduunfaa**

Mata duree qorannoo kun irratti xiyyeeffatu " xiinxalaala fayyadama afaanii "Asoosama Arraa Gurbaa " yoo ta'u qorannoon kun boqonnaalee afuriitti qoodamee kan qoratameedha Boqonnaan tokko Arirrata boqonna lama sakkata'a bartru walfakkii yaadrimee boqonna sadii xiinxaala itti Fayyadama afaanii , boqonnaa afur guduunfaa argannoofi yaboo . yaada furmaata klan haammatudha qorannoo kun xinxaala fayyadama afaanii asoosama tokko keessatti argamu Gama afaaninj xiinxaluu waan ta'eef gama kaayyoo bu'uurati fayyadamee kan qoratamedha maddi raga qorannoo kana kitaaba asoosama Arraa Gurbaa yoomuu ta'uu waraaqa qorannoowwan adda addaa yoota'u tooftaa xiinxala ragalee yaadrimee irraatti kan xiyyeeffatedha sababni isaa qorannoon kun xiinxaala yaada malee xinxaala lakkoofsaa kan hin haammanne waan ta'eefi

Fayyadamni afaanii ogbarruu keessatti ta'ee barreeffama biroo keessatti kan mul'atu waan ta'eef daangaa hin qabu' kun immoo of eeggannoo guddaa kan barbaadu waan ta'eef barreessan yeroo dhimma tokko barreessu , fayyadama afaanii gama dhamsagoota , dhamjechoota, jechoota , himoota mallee dubbii keessatti mala qabaachuura darbee ergaa isaa kan hubatamudha.

Argannoon qorannoo tokko bu'aa qorannoo sana keessatti qoratan argatedha, innis kaayyoo gooree qorannoo sanaa keessatti kaayyeeffataman irratti hundaa'ee qorannoon sun maalirra ga'e yookiin maal of keessatti qabata yaada jechuudha klanaaf qorattuunis kaayyoo gooree irratti hundooftee tokko tokkoon argannoo qorannoo ishee kan armaan gaditti.

Fayyadama afaanii dhamsagoota dhamjeechootaf jechoota adda baasuun qopheesuun kaayyoo gooree qorannoo kanaan yoo ta'u barreessan asoosama "Arraa Gurbaa'" keessattio gama dhamsagoota fi dhamjechooyta gama dhajecha hortee , heeddummina agarsiisu , koorniyaa, agarsiisu. Dhamjecha uumamteetti garee vjechoota tokkorraa garee jechoota biraa , uumun Fayyadama jechoota irratti wantoota kan keessumaayyuu jechoota filannoo jechoota ,jechoota

deddeebii, jechoota jechoota faallaa, jechoota loogaa , jechoota ergisaa jechioota afaanota biraa keessa fuudhee dhimma itti bahameera.

Fayyadama himoota dheerta gababaa malleedubbii mammaksaa asoosama“Arraa Gurbaa” fayyadamuun ergaa cimaafi hubannoo dubbistootaf kennera akkasumas malleen dubbitti fi mamaaksonnin asoosamichaa keessatti maal bakka bu’uun akka danda’anifi cimina barreessa ta’uun irraa ga’ameera

## 4.1 Argannoo

kaayyoo qorannoo kana fayyadama afaanii asoosama mata duree isaa Arraa GUrbaa ‘ jedhu keessatti argaman sakatta’uufi qaacceessuu yoo ta’uu qorataanis odeeffannoowwan Asoosamicha keessa funaanuun kallatti adda addaatin erga qaacceessee booda argannoowwan armaan gadii kaa’era.

- Akkaataa barreeffama asoosama kanattii barreessan fayyadama afaanii filannoo Jechoota mallee dubbii mammaksa dhimma baheen gargaaramuun yaada asoosamicha ifa godhee dubbistootaf dhiyeessee jira.
- Dhaamsi asoosamaa dubbistoota biraa gahachuuf Kaayyefatee ka’e kanneen dhimoota akka dinagdee , hawaasummaa , aadaafii duudhaa hawaasaa akka dubbistoota biratti akka salphaattii hubatama n fayyadamni afaanii inni dhimma itti bahe gumaacha guddaa godhee jira.
- Fayyadamni afaanii asoosama itti fayydame kanneen akka filannoo jechootattiin miidhagina, mallee dubbii , mammaksaa akka qabaniif hubatan ergaa dabarsuu barbaadame dubbisan niffi malee dubbisuun akka hubatan gumachanii jiru.
- Barreessan asoosamicha fayyafdama afaanii gargaaramuun taatewwan qabatamaa Hawaasichaa keessatti yeroo amma haala miidhagina qa buufi alkallattiin dubbistoota Hubachiisuufi ergaa iaa dabarsuuf haalaan gargaarame jira.

## 4.2 .Yaada Furmaataa

Fayyadama afaanii asoosama mata duree isaa Arraa Gurbaa’ jedhu keesattii argaman mala sakatta’a dookumantii irrattii hundaa’uun sakatta’amee qaacceeffame bu’uura godhachuuniidha.

Asoosamni" Arraa Gurbaa" fayyadama afaanii karaa adda addaan waan qabuuf ergaa cimaa dabarsa.

- ✓ Kanaafuu barreessitoonni ogbarruu yeroo barreessan fayyadama afaanii sirriitti Fayyadamuun guddina ogbarruuf gamaa asoosamoota gumaachuu , akkasumas , Qorannoon kun jechoota adda addaafi caasaa gama himaatiin irratti gaggeeffame waan haaraa irraattii hojjechufi ni mala , namooonni gama kanaan osoo qorannoo irrattii gaggeessani gaariidha.
- ✓ Dabalaataanis jechoota looga naannoo tokko fayyadamuura yaada waltawaa yookiin Jechoota waltawaa osoo ta'ee caalatti afaan oromoo guddinaa afaanii saayinsiifi Teekinoolojjii ta'uu danda'a.
- ✓ Jechoota ergisaatti baay'inaan fayyamuurraafaan Oromoo keessa bakka buusanii Ogbarruu oromoo guddina afaanii itti fayyadamuun bu'aa gudda ta'uiu danda'a Dabalaatins , jechoonni ergisa keessumayyuu gama ogbarruu yoo baay'ate guddina Ogbarruu f gufuu ta'uu haala gaarii waan ta'uu danda'uuf barrreessan yaada kana osoo hubate caalati ogbarruu afaan oromoo barbaachisadha .
- ✓ Fayyadamni afaanii asoosamichakeessatti dhimmaitti bahame dandeettii dubbistoota gabbissuu bira darbee kitaabillee barnoota keesatti yoo hammataman baruuf barsiisuu waan mijeessaniiosoodhimma itti bahamee..

- ✓ Fayyadamni afaanii gumaachi inni dagaagina og barruu barreeffama tokkotiif faayidaa guddaa waan qabuuf gama qopheessitoota sirna barnootatiin osoo itti yaadameefi sirna barnootac keessatti hammatamee .
- ✓ Fayyadamni afaanii aoosamaa dhimmi itti bahe ergaa irratti faayidaan isaan qaban Olaanaa waan ta'eef barreessitoonni biroofi dubbistoonni muuxannoo jiruuf jireenya waliif qooduuf gahee guddaa waan qabuuf osoo xiyyeeffannoon kennameefi bu'aa qaba.
- ✓ Qabiyyeewwan Fayyadama afaaniin walqabatee afaanii baruuf barsiisuu keesatti Faayida guddaa waan qabuuf , mana barumsaa keessatti bal'inaan hojiirraa akka oolu gochuuf vosoo gumiin dagaagina ogbarruu fi afaan oromoo mana barumsaac keessatti dhaabuun barattootaf hirmaachisaanii guddina fayyadama fi ogbarruu afaan oromootiif Bu'aa adda dabaala deema.

- ✓ Qorannoo fayyadama afaanii asoosama Arraa gurbaa irraa kaasee og barruu barreeffama AFaan oromoo irraattii godhamu osoo bal’inaan adeemsiifameebarreessitoonni ogbarruu Afaanichaa faayida gudda waan irraa arvgataniif osooitti xiyyeeffatamee akka kootti Bu’aa gudda ni qabaata .

## Wabiilee


Abarraa Nafaa kanneen biro(1992). *Qubee Afaan oromoo*: *Wiirtuu* Finfinnee: Biiroo Aadaafi Beeksisa Oromiyaatti, gumii Qormaata Afaan Oromoo. Biiroo Aadaafi Turiizimii Oromiyaa: Koomeershaalii.

Addunyaa Barkeessa (2011 ). *Akkamtaa*: *Bu'uura Qorannoo Hujoo* .Applied Research, Finfinnee :Mana Maxxansa Key Line

Addunyaa Barkeessa (2010). *Naatoo : yaadrimee caasluuga Afaan Oromoo* . Finfinnee:mega Printing p.l.c

Beekaan Gulummaaa (2015). *Tuujuba*.Finfinnee: Oromiyaa Eleni P,P. 2. Finfinnee, (kan hin maxxanfamne

Crystal D.(1997). *The Cambridge Encyclopedia of language*.Cambridge:Cambridge:University press.

Dastaa Dassaalany (2013). Buu'ura Qorannoo maxxansa lammaffaa. FinfinneeFar-East Trading Plc.

Fedhasaa Taaddasaa(2013).*Subii :Bu'uuraa Ogbarruu Oromoo* . Finfinnee :Dhaabbata maxxan Saa subii printing press.

Geetachoo Rabbirraa. (2008). *Furtuu*. **(**max. 5ffaa.) Finfinnee: Dhaabata MaxXansa kurraaz Internaashinal

Harry Shaw.(1905).*Dictionary of literary terms* . USA:McGraw hill.

Jaalalli Hayluu. (waxabajjii, 2002).”Xiinxala Fayyadama Afaanii ‘YAADANII’ Keessatti “ Waraqaa Qorannoo Digirii Baachilarii Guutachuuf dhiya-Ate, Yuuniversitii Finfinnee (Kan Maxxanfamin).

O' Grady and dobrosvesky.(1996). Contemporary linguistics Analysis (third) University of Colgory Canada.

Saamu'eel Leggese .(210).”Common Mistake in Using The Oromoo Writing**”.** Unpubished MA Thesis . Addis Ababa University.

Wasanee Bashaa.(2008). *Bantuu Haaraa* Caaslugafi ogbarruu Afaan Oromoo. Finfinnee: Oromiyaa.

Zdenek Salzmann.(2007). *Languag*e, *Culture, and society. An Itroduction to Linguistic* Anthropology. Fourth Edtion Westiviiew press . USA

## Dabalee A

**Jechoota loogaa afaan oromoo barreessan asoosama Arraa gurbaa keessatti fayyadamee**

| lakk | Jechoota loogaa | Godina naannoo itti dubbatamu | Jechoota waaltawa | fuula | Keyyata |
|---|---|---|---|---|---|
| **1** | moonaa | Arsii | Dallaa loonii | **13** | **3ffaa** |
| **2** | Araddaa | Tuulama | Qe’ee | **19** | **2ffaa** |
| 3 | Ugguman | macca | Sagadan | **22** | **2ffaa** |
| 4 | Waawuun | macca | Eyyeen | **31** | **2ffaa** |
| 5 | waawwannaa | macca | Boo’chaa | **40** | **1ffaa** |
| 6 | cooncee | macca | Burqaa bishaani xiqqoo | **115** | **4ffaa** |
| 7 | hinsarmu | macca | Tole hinjedhu | **155** | **4ffaa** |
| 8 | lawwaasofte | macca | Human dhabdee | **136** | **2ffaa** |
| **9** | karkarfata | Macca | qaammata | **182** | **1ffaa** |
| 1o | qorsoo | Arsii | Akaayii | **28** | **2ffaa** |
| 11 | Raaree | Macca | dhoqqee | **40** | **2ffaa** |
| 12 | Kalaa’uu | macca | dhiyaachuu | **54** | **3ffaa** |
| 13 | Adiyoo | macca | Gadhisii kan eegumsa hin qabne | **23** | **2ffaa** |
| 14 | Dhaawwata | macca | Suuta suuta | **27** | **1ffaa** |

**Dabalee B**

Jechoonni ergisaa afaan adda addaa irraa gara afaan oromoo ergifatuun barreessan asoosama Arraa Gurbaa keessatti fayyadamee dabalatan fuulaisaanii wajji ta'aniru.

| Lakk | Jechoota ergisaa | Afaan irraa ergifamee | fuula | Keeyyata |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Nugusa | Afaan Amaariffa | 47 | 2ffaa |
| 2 | peresedaantii | Afaan Ingiliffaa | 50 | 1ffaa |
| 3 | Hospitaala | Afaan Ingiliffaa | 104 | 3ffaa |
| 4 | kompitera | Afaan ingilliffaa | 168 | 3ffaa |
| 5 | Moobaa'illi | Afaan ingilif | 168 | 3ffaa |
| 6 | shamizii | Afaan biroo irraa | 1o8 | 3ffaa |
| 7 | Chaappaa | Afaan Amaariffaa | 164 | 2ffaa |
| 8 | doktoorii | Afaan Ingiliffaa | 157 | 2ffaa |
| 9 | poosta | Afaan Ingilliffa | 193 | 1ffaa |
| 10 | Xiqur Anbassaa | Afaan Amaarriffa | 192 | 2ffaa |
| 11 | Televiziihiinii | Afaan Ingilliffaa | 197 | 3ffaa |

**Waraqaa Mirkaneeffannoo**

Ani qorataan maqaafi mallattoonkoo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii koo ta'uu isaa ibsa. Hojiin kun kanaan dura yuunivarsitii kamiyyuu keessatti kan hin dhiyaanne, ta'uu isaafi yaadawwan qorannoo kana dubbise hunda isaanii wabii keessatti kaasuu koo mallattoo kootiin mirkaneessa.

**Maqaa Qorataa**:-_______________________________

Mallattoo__________

Guyyaa ___________

**Maqaa Gorsituu**:- ________________________________

Mallattoo _________

Guyyaa __________